INISTIITIYUUTII LEENJII OGEESSOTA QAAMOLEE HAQAA FI QO'ANNOO SEERAA OROMIYAA

MIRGA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU: SEERAA FI HOJMAATA JIRU.

QOPHEESSITOONNI: QAALKIDAAN ABARRAA FI

MARGITUU SHANTAMAA

GULAALAAN: HAABTAAMUU BULTII

ADAAMAA,ILQSO

CAAMSAA,2005

GABATEE BAAFATAA

Baafata **Fuula**

BOQONNAA TOKKO

1.SEENSA……1

1.1 Yaada Waliigalaa..... 1

1.2 Hima Rakkoo..... 3

1.3 Kaayyoo Qorannoo..... 4

1.4 Mala Qorannoo..... 5

1.5 Faayidaa Qorannoo Kanaa..... 5

BOQONNAA LAMA

MIRGA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU:

MAALUMMAA, BARBAACHISUMMAA FI DIRQAMOOTA ABUKAATOO ITTISAA..... 7

2.1 SEENSA..... 7

2.2 Maalummaa Abukaatoo Ittisaa …… ……...7

2.2.1 Abukaatoo Ittisaa Mootummaa..... 10

2.2.2 Abukaatoo Ramaddii..... 10

2.2.3 Sirna Waliigaltee..... 11

2.3 Barbaachisummaa Abukaatoo Ittisaa..... 12

2.3.1 Dhugaa Baasuuf..... 12

2.3.2 Mirga Himatamaa Kabachiisuuf..... 13

2.3.3 Qaamoolee Haqaa Gargaaruuf..... 14

2.3.4 Ol'aantummaa Seeraa Kabachiisuuf..... 15

2.4 Seenaa fi Haala Guddina Abukaatoo Ittisaa..... 15

2.5 Madda Aangoo Abukaatoo Ittisaa..... 20

2.6 Hojiiwwan Yookiin Dirqamoota Abukaatoo Ittisaa..... 24

2.7 Naamusa Abukaatoo Ittisaa..... 25

2.8 Caaseffamaa fi Gurmaa'ina Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii Aanaa Naannoo Oromiyaa Keessatti..... 27

BOQONNAA SADI

MIRGA ABUKAATOO ITTISAAN DEEGGARAMUU FI MUUXANNOO BIYYOOTA BIROO 29

3.1 Seensa 29

3.2 Muuxannoo Biyya Ameerikaa 29

3.2.1 Caasaa abukaatoo Ittisaa Ameerikaa 31

3.2.2 Rakkoowwan Gama Abukaatoo Ittisaan Ameerikaa Keessa Jiranii fi Furmaata Isaanii 31

3.3 Muuxannoo Naayijeeriyaa 32

3.4 Garaagarummaa Mirga Abukaatoo Ittisaan Deeggaramuu Naannoo Oromiyaa fi Biyyoota Biroo Gidduu Jiru 34

BOQONNAA SADI

RAAWWII MIRGA ABUKAATOO ITTISAAN DEEGGARAMUU: HAALA QABATAMAA NAANNOO OROMIYAA 37

4.1 Seensa 37

4.2 Ulaagaalee Abukaatoon Ittisaa Ittiin Dhaabatu 37

4.3 Raawwii Mirga Abukaatoo Ittisaan Deeggaramuu Himatamaa 41

4.3.1 Mana Murtii Aanaa Keessatti Dhabamuu Abukaatoo Ittisaa 42

4.3.2 Hanqinoota Gama Abukaatoo Ittisaatiin Mul'atan 44

4.3.3 Hubannoo Himatamootni Abukaatoo Irratti Qaban 46

4.4 Gumaacha Abbaan Seeraa Mirga Himatamaa Abukaatoo Ittisaan Deeggaramuu Keessatti Qabu 47

4.5 Mirga Himatamaa Abukaatoo Ittisaan Deeggaramuu Kabachiisuuf Hanqinoota Gama Abbaa Alangaatiin Mul'atan 48

4.6 Gahumsa Abukaatoo Ittisaa Naannoo Oromiyaa Keessatti 49

Yaada Guduunfaa 52

Yaada Furmaataa 53

Maddoota Wabii 56

Namoota Af-Gaaffii Irratti Hirmaatan 60

Bar-Gaaffiiwwanii fi Af-Gaaffiiwwan Garaagaraa 63

Galata

Hunda dura sochii taasifamu kam keessattuu dursee kan nu hoogganu Tokkichi Maqaa Dhibbaa Waaqayyo bara baraan maqaan isaa kan ulfaate haa ta'u.

Waraqaa qorannoo kana akka adeemsifnu carraa kan nuuf laatee fi deeggarsa barbaachisaa kan nuuf taasise ILQSO guddaa galateeffanna.

Itti aansuun barruu qorannoo kana qopheessuu keessatti shoora hangana hin jedhamne kan bahan, yaada gabbisoo fi murteessoo ta'an nuuf laachuun barruun kun waan amma faakkaattu kanaan akka geenyu yaada gaariin nu deeggaraa, kan turan gulaalaa keenya Obbo Habtaamuu Bultii galanni keenya onneerraa kan maddedha.

Obbo Galataa Dhaabaa wiixinee qorannoo kanaa ilaaluun utuu hin nuffin sirreeffama barbaachisaa waan nuuf gooteef, akkasumas deeggarsa haamilee nuuf kennaa turteef ulfaadhu.

Walumaagalatti, Leenjistoota IlQSO Obbo Naggaa Garbaabaa, Obbo Shaambal Hordofaa fi Obbo Nooh Taakkalaa, akkasumas leenjitoota ILQSO marsaa 5ffaa deeggarsaa nuuf taasiftanii fi jajjabina haamilee nuuf laattan hundaaf galatoomaa jenna.

BOQONNAA TOKKO
SEENSA
1.1 YAADA WALIIGALAA

Ilmi namaa dhala namaa ta`uu isaatiin mirgootaa fi bilisummaa bu`uuraa akka gonfatu gochuuf karaa tajaajila gorsa seeraa gahumsa qabu ittiin argatu mijeessuun barbaachisaa akka ta`e sona bu`uuraa mootummoonni gamtoomanii shoora ogeessota seeraa murteessuuf tumame irratti ifatti caqasameera[1].

Akka lakkoofsa Awurooppaa bara 1990 sonawwan bu`uuraa shoora ogeessota seeraa mootummoota gamtoomaniitiin haalawwan tumaman keessaa inni tokko namootni hundii murtii yakkaa keessatti abukaatota karaa salphaa ta`een argachuu akka qaban teechisera. Mootummotnis kallattii kanaan garaagarummaa lammiileen hundi tajaajila kan ittiin argatan tooftaalee fi sirnoota bu`aa qabeessa ta`an diriirsuun akka qaban ibsameera.[2]

Bifuma wal fakkatuun, waliigalteewwanii fi ibsoota mirgoota namoomaa guutuu addunyaa adda addaa irratti kan taa`e ta`uun caalaa yakkaan shakkamanii namoonni qabamanii fi himataman, akkasumas namootni to`annaa jala jiran hanga danda'ametti tajaajila gorsa seeraa barbaachisaa ta`e argachuu akka qaban tumameera.[3]

Mirgoota bu`uuraa fi bilisummaa lammiilee keessaa inni guddaan mirga abbaa seerummaa iftoominaa fi haqa qabeessa ta`e argachuu dha. Kana wajjin haala wal-qabateen adeemsa murtii yakkaa keessatti namoonni qabamanii fi himataman mirgootni bu`uuraa namoomaa fi bilisummaa isaanii akka eegamu gochuun itti gaafatamummaa mootummaa akka ta`e heera mootummaa keessatti tumamee jira.[4] Akkaataa kanaan mootummaan namoota

[1] . International convention on civil and political right, Art.14,European Convention Human Right , Art. 6and African Charter on Human Right, Art.8&7

[2]. Makaashaa Abarraa fi Urgeessa Ganamoo;Naamusa Ogummaa Abbootii Seera fi Abbooti Alangaa (2000).fuula

[3] . Paul MAGEEN :*THE ROLE AND INDEPENDENCE OF PROSECUTORS* Belfaxt ,Northern ,Ireland 17th may 2005,Cario ,fuula 9

[4]. Heera Mootummaa DRFI , Kwt.13

yakkaan shakkamanii qabaman akkuma qabamaniin qaamolee haqaa dhimmi ilaallatuun mirga tajaajila gorsaa barbaachisaa ta`e argachuu akka qaban akka beekan godhamuu isaa mirkaneessuu qaba[5].

Keessattuu sababa humna kaffaluu dhabuudhaan namoonni tajaajila gorsa seeraa argachuu hin dandeenye baasii mootummaatiin gorsa seeraa ogeessa gahumsa gahaa qabuun akka argatan godhamuu qaba. Jecha biraatiin, namootni humna dhaban sababa hiyyummaa isaaniitiin qofa otoo gorsa seeraa hin argatin adeemsa murtii kamiyyuu irratti murtiif akka dhihaatan yoo godhame mirga tajaajila abbaa seerummaa haqa qabeessa, madaalawaa, fi iftoomina qabu argachuudhaan kabajameera jechuuf nama hin dandeessisu.

Heeronnii fi seeronni adda addaa mirga kana kan mirkanneessan yoo tahu, heerri Mootummaa FDRI keewwatni 20(5) himatamtoonni abukaatoo mootummaan dhaabuufiin falmachuu akka danda'an ni kaa'a. Kun kan ta'u himatamaan baasii isaatiin abukaatoo dhaabbachuu yoo hin dandeenyee fi bakka bu`insa malee haqni kan jallatu yoo ta'e dha. Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaaas kanuma mirkaneessa.Bifuma wal-fakkaatuun, labsii lakk.141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf Bahe kwt 17 jalatti namni kamuu abukaatoo dhaabbachuuf mirga kan qabu ta`uu isaa ibsa. Itti dabaluunis, namni abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenye yakka hidhaa cimaa waggaa shanifi isaa oliin adabsisuun himatame baasii mootummaatiin abukaatoo ittisaa ni dhaabbataaf jechuun tumee jira. Ijoo kanarratti, labsiin kun mirga Heerotni Mootummaa himatamtootaaf mirkaneessan, cimina adabbii yakkaa sababeeffachuun kan dangesse fakkaata-seerri kun Heerota Mootummaa kanneeni wajjin wal simuu fi wal simuu dhabuunsaa dhimma falmii kaasu fakkaata. Sababni isaas Heera Naannoo Oromiyaas ta'ee kan Federaalaa irratti Abukaatoon Ittisaa kan mootummaan dhaabbatu yoo himatamaan yakka cimaan himatameedha yaada jedhu waan of keessaa qabu hin fakkaatu.

Gama biraan, keessumaa, hojimaatni manneen murtii aanolee keessa jiru hojii irra oolmaa mirga kanaa mirkaneessaa kan jiru miti. Kanaafuu mirgi heeraa fi seerotaan himatamtootaaf kenname kun hojiirra oolaa hin jiru jechuun ni danda`ama.[6] Gama biraan,

[5] . Hasan Damissee fi Habiib A/ Jabal; Seera Deemsa Falmii Yakkaa Dhagaya Idilee Dhimma Yakkaa; moojuuli leenjii irraa,fuula 16.

[6] .miilajalee olii 2 fuula 19

manni murtii himatamaan ragaa ittisaa akka dhiyeeffatuuf yeroo gahaa kennuu irratti rakkina guddaa qaba. Fakkeenyaaf dhimma lakk. Ga/m/m 02465 ta`erratti himatamaan G/Arsii Aanaa Honqola'oo Waabee Magaalaa Silaxaana keessatti guyyaa keessaa sa`aa 10:45'tti yakka gudeeddaa raawwataa osoo jiruu harkaaf harkatti qabamee galmeenis qoratamee himatni guyyuma sana dhiyaateera. Manni Murtii kunis ragaa Abbaa Alangaa dhagahee himatamaan immoo ragaa ittisaa hin qabu waan jedheef yeroosuma murtii balleessummaa itti kennuun adabee jira. Himatamaan yeroosanatti ofirraa ittisi jechuun na sarduun isaanii sirrii miti jechuun komii kaaseera.[7] Utuu silaa abukaatoon ittisaa dhaabbateeraaf ta'ee tarii ragaa fi falmii rogummaa qaban kaasuu ni danda'a ture jennee amanna. Kanaafuu, tumaaleen seerota mirga abukaatoo ittisaan deeggaramuu himatamtoota hiyyeeyyii ibsan mirga heera mootummaan tumame kana raawwachisuurratti ciminaa fi qaawwa isaan qaban adda baasuu fi qabatamaatti mirgi kun hojiirra oolaa jiraachuusaa sakatta`uun barbaachisa dha.

1.2 HIMA RAKKOO

Wantoota deemsa falmii yakkaa madaalawaa taasisan keessaa himatamaan abukaatoo seeraatiin akka falmatu taasisuun isa tokko dha. Yaad-rimeen himatamaan abukaatoon deeggaramuu qaba jedhu garaaagarummaa Abbaa Alangaa fi himatamaa gama hubannoo seeraa fi dandeettii amansiisuutiin jiru dhiphisuu irratti xiyyeeffata. Himatamaa fi Abbaan Alangaa beekumsa seeraanis ta'ee dandeettii faayinaansiin wal hin madaalan, himatamaan gonkumaa adeemsa falmii beekuu dhiisuu mala. Sababa garaagarummaa kanaatiin madaalliin dhaga'a dhimmaa gara tokkotti akka hin jallanne ittisuu fi mirga heera mootummaatiin kenname hojiirra oolchuuf kan yaadame fakkaata. Haa ta`u malee, hojiirra oolmaan mirga kanaa Manneen Murtii Oromiyaa keessatti maal akka fakkaatu qorachuun hir`inaa fi rakkoolee seeraaf qabatamaa jiran gadi fageenyaan qorachuun xiyyeeffannaa qorannoo kanaati. Gaaffii bu`uuraaa kana deebisuuf qorannoon kun gaaffilee deeggartuu armaan gaditiif deebii kennuu ni yaala:

1. Akkaataa Heera Mootummaa FDRI tiin' abukaatoo ittisaa himatamaadhaaf kan dhaabu ulaagaawwan lameen yoo guutaman qofaa dha. Isaanis:- Abukaatoo ofii dhaabbachuuf

[7] . Komaander Mulugeetaa Abdataa fi Hasan Damisee, Tooftaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakkaa: Haala Hojiirra Oolmaa fi Rakkoowwan Mul'atan, 2002, fuula 50.

dandeettii yoo hin qabaanne, lammaffaan immoo ‘haqni ni daba’ jedhamee yoo ilaalame dha.

Gaaffileen ulaagaawwan kana irratti ka`an :-

A. ‘Haqni ni daba’ kan jedhamu ulaagaawwan maal faatu yoo guutamani dha?
B. Himtamaan dandeettii dhabuun akkamitti mirkanaa’a?

2. Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa jalatti ulaagaawwan Heera Federaalaa armaan olitti caqasame kan kaa’e yoo ta’u, Labsiin Lakk. 141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deeb’i’anii Hundeessuuf bahe ammoo ’yoo himatamaan yakkaa cimaa waggaa shanii fi isaa ol adabsiisuun himatame Abukaatoon ittisaa ni dhaabbataaf” jechuun kaa’uun isaa mirga himatamaa heeraan kenname ni daangessaa?
3. Mirgi abukaatoo ittisaan deeggaramuu himatamaa qabatamaan hojiirra oolaa jiraa?

Abukaatoon ittisaa dirqama itti kenname, mirga abukaattoo ittisaan deeggaramuu dhugoomsuu keessatti, haala gahumsa qabuun raawwachuusaa haala kamiin mirkaneeffamaa jira? Qulqullinni hojii abukaatoo ittisaa haala kamiin madaalamaa jira?

1.3 KAAYYOO QORANNOO

Kaayyoon gooroo qo`annoo kanaa yaad-rimee mirga abukaatoon falmachuu ifa gochuu, rakkoolee mirga himatamaa abukaatoo ittisaatiin deeggaramuu waliin wal qabatanii ka`an maal akka ta`an adda baasuu fi yaada furmaataa rakkoolee kana akeeku.

Haaluma kanaan, qo`annichi kaayyoo gooroo kana galmaan gahuuf kaayyoo gooree armaan gaditti tarreeffaman ni qabaata:

- Mirga abukaatoon deeggaramuu himatamaa ilaalchisee garaagarummaa fi tokkummaa heerawwanii fi labsii lakk. 141/2000 gidduu jiru agarsiisa.
- Mirga abukaatoon deeggaramuu himatamaa akka hojiirra hin oolchine gufuuwwan taasisan adda baasa.
- Mirga, itti – gaafatamummaa fi dirqama abukaatoo ittisaa akka dhaabbataa fi dhuunfaatti qabaachuu qaban adda baasee ni tarreessa.

1.4 MALA QORANNOO

Maloota adda addaan daataan qorannoo kanaaf barbaachisan walitti qabamaniiru. Malli jalqabaa, Heerotaa fi labsiilee garagaraa akksumas kitaabotaa fi barreeffamoota adda addaa dhimmicha waliin rogummaa qaban sakatta`uu dha. Akkaatuma kanaan muuxannoo biyyoota

biroo naannoo keenya waliin wal–bira qabuuf akka nu fayyaduuf seerota biyya keenyaa (heera , labsii fi danbii) akkasumas imaammata biyya keenyaa akka madda qo`annoo kanaatti fayyadamna. Sakatta`a barreeffamoota kanneeniin yaad –rimee mirga kanaa fi muuxannoo biyyoota adda addaa ilaaluun kanneen rogummaa qaban qorannoo kanaaf gumaacha akka ta`uuf yaaliin ni taasifama.

Dabalataanis haala hojimaata manneen murtii baruuf bar–gaaffii guutamuu fi af–gaaffiin daataan abbootii seeraa manneen murtii sadarkaa sadan keessa hojjatan, abukaatota ittisaa, abbootii alangaa, himatamtoota abukaatoon ittisaa dhaabatee fi hin dhaabanneef adabamanii mana sirreessaa jiran irraa odeeffannoon walitti ni qabama. Akkasumas, haala abukaatoon ittisaa mirga himatamaa kabachiisuuf hojjatu ilaachisee hubannoo argachuuf dhaddachaa fi dhaddachaa alatti daawwachuun odeeffannoo qabatamaa walitti ni qabama.

Haaluma kanaan hojii qorannoo kanaa fiixaan baasuuf godinaalee rakkinichi keessatti bal'inaan mul'atu jedhaman afurii fi aanaalee isaan jala jiran lama lama keessaa daataan maloota armaan olitti caqasaman hundaan ni guurama. Godinaaleen kanneenis, Shawaa Lixaa, Arsii Lixaa,G/A/N/ Finifinnee fi Wallagga Bahaa dha. Aanolee daataan irraa walitti qabaman, akaakuu fi baay`ina daataa yoo ilaallu tokkoon tokkoo Godinaalee isaaniif bar-gaaffii 14, af-gaaffii 9, Aanolee godinaalee kanneen jalatti argaman 10'f ammoo tokkoon tokkoo isaaniif bar-gaaffii fi af-gaaffii sadi sadi dhiyeessinee daataa funaannannee jirra.

1.5 FAAYIDAA QORANNOO KANAA

Qo'annoon kun rakkina gama mirga himatamaa abuukaatoo ittisaatiin deeggaramuun wal qabatanii ka`an tokko tokkoon adda baasee yaada furmaaataa waan kaa'uuf rakkoo seeraa fi qabatamaan jiru ni xiqqeessa. Qo'annoon kun muuxannoo biyyoota biroo gama kanaan waan ibsuuf rakkoowwan gama seeraan mul'ataniif haala falli ittti argamu ibsuu danda'a.

Qorannoon kun himatamtoota, qaamolee haqaa (Manneen Murtii, Abbaa Alangaa, Abukaatoo Ittisaa), Leenjistootaa fi Leenjitoota seeraa ILQSO'f keessattuu haala qabatamaa raawwannaa mirga himatamaa abukaatoon deeggaramuu fi yeroo ammaa akkamitti hojiirra oolaa akka jiru, bu'aa sirni kun hordofsiise irratti hubannoo ni argamsiisa. Kun ammoo akkuma waliigalaatti ergama instiitiyuutichi gama kanaan qabu bifa yaadameen akka galmaan ga'uuf

tattaaffii fooyya'insa sirna haqaa akka naannichaatti gaggeeffamaa jiruuf gumaacha ol aanaa qaba.

Qorannoon kun rakkoowwan hojimaata irratti mul`atan adda baasee irratti furmaata ni kenna. Dabalataanis gochootaa fi tarkaanfiiwwan qaamolee haqaa fi mootummaan sadarkaa sadarkaadhaan fudhatamuu qaban addaa baasee ni agarsiisa. Keessattuu yeroo ammaa abukaatoo dhuunfaan yeroodhaa gara yerootti dabalaa waan dhufaniif isaan akkamitti sirnicha keessa galchinee eegumsa heerri mirga kanaaf taasisu guutummaatti hojiirra olchuu keessatti akka gumaacha tokkootti ni fudhatama.

BOQONNAA LAMA

MIRGA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU:

MAALUMMAA, BARBAACHISUMMAA FI DIRQAMA ABUKAATOO ITTISAA

2.1 SEENSA

Ogummaan kamiyyuu nama ittiin leenji'eef yoo ta'e malee, ogummaa sanaan ala haguma fedhellee beekumsa haa qabaatuu, ogummaa biraa keessa yoo seene daran ulfaataa ta'uu danda'a. Keessattuu saayinsii seeraatti yoo dhufnu namni tokko ogummaa seeraa hin qabu taanaan beekumsa hanga fedhellee qabaatu gaafa himatamu, adeemsa falmii yakkaa hin beekne taanaan rakkoo cimaatu muudachuu danda'a:- adeemsa kamiifuu haaraa ta'uu danda'a, seera rogummaa hin qabneen carraa himatamuu yoo qabaatellee adda baafachuu hin danda'u, ragaan rogummaa hin qabne irratti dhiyaachuu mala, himata irratti dhiyaate of irraa ittisuuf ogummaas ta'ee beekumsa gahaa qabaachuu dhabuu mala, himata irratti dhiyaateef illee deebii laachuuf itti ulfaachuu danda'a. Yeroo akkasii himatamaan kun nama afaan ta'uuf barbaada, kan ogummaa seeraa qabu, kan iddoo isaa bu'ee dubbatuuf. Kuni hin taane taanaan utuma balleessaa illee hin qabaatiin carraan balleessaadha jedhamuu ol'aanaadha.[8] Keessattuu biyyoota akka Itiyoophiyaa, kanneen namoonni baratan daran xiqqoo itti ta'e keessatti, sirna falmii yakkaa qajeelchuu keessatti shoorri Abukaatoon ittisaa qabu iddoo ol'aanaa qaba.

Boqqonaa kana keessatti Abukaatoo ittisaa maal akka ta'e, barbaachisummaa, Seenaa fi Madda Aangoo ilaaluuf yaalameera.

[8] Powell v. State of Albama, 287U.S.45 (1932) ykn http://www.nlada.org/About/HistoryCounselscottsboro-last, akka Muraadoo Abdootii Eerametti (kan hin maxxanfamne)

2.2 MAALUMMAA ABUKAATOO ITTISAA

Maalummaa abukaatoo ittisaa osoo hin ilaaliin dura abukaatoo jechuun maal akka ta'e ilaaluun barbaachisaa ta'a. Maalummaa abukaatoo beektootni garaagaraa haala garaagara ta'een hiikaniiru. Hiika gabaabaatiin abukaatoo jechuun nama himatame bakka bu'uun akka isaa ta'ee kan falmu (kan dubbatu) yoo ta'u sirni abukaatummaas sirna nama biraa bakka bu'uun kan falmu yookiin kan dubbatu dha. Galmeen jechoota *Black's Law* jedhamu jecha abukaatoo yoo hiiku: *''an advocate is a person who assists, defends, pleads or prosecutes for another.''*[9] Jechuun kaa'a.

Hiikkaan isaas,

- *Hiika kana irratti akka hubatamutti namni abukaatoo tahu nama tokko bakka bu'uun gargaarsa kan godhu, kan falmu, himata kan dhiheessu yookiin nama isa bakka bu'eef dhaabatee nama biraa illee himachuu akka danda'u hubachuun ni danda'ama.*
- *Gama biraatiin labsiin federaalaa lakk. 1999/2000 eeyyamaa fi galmeessaan abukaatotaa jecha abukaatoo yoo hiiku.* [10]*" An advocate service means the preparation of contracts, memorandom of association, documents of amendment or dissolution of the same or documents to be adduced in the court (case preparation) litigation before the court on behalf of third parties, and include rendering legal consultancy service for consideration or with out consideration or for direct or indirect future consideration."*

Haala gabaabaa ta'een hiika kana irraa wanti hubatamu tajaajjilli abukaatummaa waliigaltee adda ta'e kan uumu ta'ee qaamni waliigaltee bakka bu'ummaa kana fudhatee oggeessa seeraa tahuu fi gahumsa seeraa qabaachuun isaa dirqama dabalataanis dhimmi walii galtee bakka bu'ummaa itti raawwate kun dhimma seeraa tahuu qaba. Tajaajilli abukaatoo qaama bakka bu'uun falmii mana murtii tti gaggeessuu qofa osoo hin ta'iin, walii galteewwan adda addaa qopheessuu, himata ykn iyyannoo qopheessuu fi gorsa seeraa kaffaltiinis ta'e bilisaan kennuu ni dabalata. As irratti wanti hubatamu tajaajilli abukaatummaa qaama bakka bu'ameef falmuu qofa osoo hin ta'iin dabalataan nama bakka bu'ame sanaaf tajaajila dhuunfaa kennuus ni dabalata. Akka fakkeenyaatti tajaajila gorsa kennuu fi kkf ni dabalata. Kanaaf,

[9] . Black's Law Dictionary
[10] .Federal Court Advocate Licensing and Registeration pro.no 1999/2000 ,kwt 2(2)

tajaajilli abukaatummaa bakka bu'insa mana murtiif qofa osoo hin tahin hojii sochii seera kan biroos ni kan of keessatti qabateedha.

Kallattii kanaan dirqama muummee abukaatotaa kan ta'u abbootiin dhimmaa ijoo falmii abbaa seerummaa irratti gaafataniin wal qabatee dirqamaa fi mirga isaan qaban, akkasumas mirga isaanii kabachiifachuu fi dirqama isaanii bahachuuf adeemsaa fi sirnoota seerichi tumu akka beekan gochuu dha. Kana caalaas dhimma maamila isaa gama mana murtii idileetti ykn gama qaamolee bulchiinsa aangoo abbaa seerummaa qabanitti geessuun[11] dhimma maamila isaa sirriitti hordofuu, murtii hatattamaa fi haqa qabeessa ta'e akka argatuufis of eeggannoo fi tattaaffii cimaa gochuu fi ogummaa gahaas qabaachuu akka qaban hubachuun ni danda'am.

Hiikni abukaatoo ittisaaf kennamu kan abukaatoof kennamurraa hiika adda tahe hin qabu. Garaagarummaan uumamuu kan danda'u haala abukaatoo dhuunfaan itti dhaabatuu fi haala abukaatoon ittisaa itti dhaabatu yoo ilaalle dha.[12]

Abukaatoo ittisaan abukaatoo baasii mootummmaatiin himatamtoota humna abukaatoo ittisaa ofiin dhaabbachuu hin dandeenyeef kan dhaabatu dha.[13]Abukaatoon ittisaa akkuma abukaatoo isaan kaanii fedhii maamiltoota isaa guutuuf adeemsa deemuu qabu hunda raawwachuutu irraa eegama. Kana jechuunis baasii mootummaatiin abukaatoo ittisaa dhaabuun dirqama hojii abukaatummaatiin kenname ta'ee wanti itti dabalamus ta'e wanti hir'atu hin jiru. Himatamtoonni abukaatoo mootummaadhaan dhaabatu argachuu isaaniitiin faayidaan argatan daran olaanaa dha. Kaffaltiin isaaniif kaffalamu hin jiru, dhimmi isaanii gadi fageenyaan abukaatoo ittisaatiin xiinxalamuu akkasumas falmii madaalawaa ta'e gaggeessuu danda'u.

Abukaatoo ittisaa akka dhaabbatu kan taasisu Mana Murtiidha malee himatamaa miti. Kanaaf hiikni armaan olitti Abukaatoof kenname Abukaatoon ittisaa baasii mootummaatiin kan dhaabatu ta'uu fi abukaatoo dhuunfaa garuu baasii nama bakka bu`ameen dhaabbachuu irraa kan hafe abukaatoo ittisaafis gargaaruu danda`a.

Akka barreessitoota seeraa *Larry.J.Siegel fi John L.Warall'tti* sagantaan gargaarsa himatamtoota hiyyeeyyii ta'aniif godhamu bakka 3(saditti) qoodama. Isaanis: abukaatoo ittisaa

[11] . kwt 37 ,Heera Mootummaa Dimokiraatawaa Rippaabilika Federaalawaa Itiiyoophiyaa

[12] .Larry J.Siegel fi John L.Worrall, *Introduction to criminal Justice;*United Statesof America,Wandsworth Cengage Learning 13th ed,2012,fuula 373

[13] .http://www.sdcountry.ca.gov/public defender, gaafa guyyaa 21/03/ 2005 ilaalame.

mootummaa (public defenders system), abukaatoo ramaddii (assigned counsel), fi sirna waliigaltee (contract system) jedhamu. [14] Akaakuuwwan sadan kun manneen murtii biyyoota hedduu keessatti walitti makamuun hojiirra oolaa jira. Dabalataanis sagantaan '*clinic*' fi tajaajilli '*pr bon'* milkaa'insa mirga kanaaf gumaacha guddaa qabu. Sagantaa *clinic kan* sirna barattootni seeraa bilisaan gorsa seeraa itti laatan yoo ta'u; tajaajilli *pro bono* sirna abukaatotni dhuunfaa tajaajila seeraa bilisaan himatamtoota humna hin qabneef itti laataniidha. Sirnoota kana wanti wal fakkeessu hundi isaaniituu himatamaan osoo hin kanfalin kan laataman ta'uu isaaniiti.

2.2.1. Abukaatoo Ittisaa Mootummaa

Bara 1913 Ameerikaa, *Los Angelas* keessatti jalqabame. Baroota keessatti sababa garee bar(*bar groups*) fi itti gaafatamtoota qaamolee haqaatiin mirgi abukaatoo ittisaa deeggaramuu himatamaa babal'achaa dhufeera. Keessattuu, heerri Mootummaa Ameerikaa fooyya'iinsa jahaffaan himatamaan tokko ulaagaa tokko malee abukaatoon ittisaa dhaabbachuufi akka qabu tumeera.[15] Mirgi kunis akkuma mirgoota heera mootummaatiin beekamtii fi eegumsi taasifameef kamiiyyuu mirga eegumsi kennameefiidha.

Waajjirri abukaatoo ittisaa mootummaa shakkamtoota yakkaa qofa akka keessummeesutti lakkaa'ama ture. Hooggansi isaa sadarkaa mootummaa lamaan keessaa naannooleedhaan yookiin immoo akkuma waliigalaa biyyattiin ta'uu danda'a. Fakkeenyaa biyya Ameerikaa keessatti haguuggiin abukaatoo ittisaa mootummaa naannooleen hoogganamu harka tokko sadaffaa ni ta'a. Baajetnis waggaa waggaatiin mootummaadhaan hojii kanaaf ni qabama. Gurmaa'insi abukaatoo ittisaa mootummaa biyyaa biyyatti garaagara dha. Kanneen keessaa tokko tokko seera raawwachiiftuu, seera hiiktuu, fi waldaalee miti mootummaa ta'an jalatti gurmaa'anii argamu.[16]

2.2.2. Abukaatoo Ramaddii

Sirni kun yeroo himatamaan abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyetti abukaatoo dhuunfaan akka falmatu manneen murtii dhimmoota irratti hundaa'uun haala mijeessuun akka

[14] .Miiljalee olii 3,fuula 378
[15] . Isuma gubbaa 3, fuula 378
[16] . Isuma gubbaa, fuula 378

ramadaman kan godhamu dha. Tarree abukaatoo dhuunfaa manneen murtii sana keessatti argaman keessaa filachuun akka dhimma isaaniif kenname ilaalan taasifama. Abukaatoon ramaddii kan tajaajila gorsaa himatamtoota hiyyeyyii ta`aniif keennaniif waggaatti kanfaltii gama mootummaatii kanfalamuuf jira. [17]

Abukaatoon ramaddii bakka lamatti kan qoodamu yeroo ta'u isaanis: abukaatoo ramaddii '*adhoc*' fi abukaatoo ramaddii '*coordinate*' jedhamuun beekamu. Akaakuuwwan abukaatoo ittisaa kana yoo ilaallu garaagarummaan jiru haala rammaddii isaanii irrattii fi qaama isaan ramadu irratti dha. Inni duraa yeroo abbaan seeraa dhaddacha sana hoogganu dhimmoota isaaf dhiyaatan irratti hundaa'uun abukaatoo dhuunfaa adeemsa ittiin ramadu dha. Kan lammaffaa immoo himatamaan abukaatoo dhaabbachuu akka hin dandeenye yoo amaname hoogganaan mana murtichaa abukaatoon ittisaa dhuunfaa akka dhabaatuufiif sirna godhamu dha.

Abukaatoon ramaddii haala kanaan yoo gurmaa'uu baatan rakkoowwan adda addaaf saaxilamu. Isaan keessaa abukaatoon rammaddii kaffaltii gahaa hin taaneen akka hojjatan dirqamu, hundi isaanii wal qixa ramadamuu dhiisuu danda'u, tajaajilli gorsaa kennamu sababa hanqina kaffaltii gahaa dhabuu irraa kan ka'e qulqullina ni dhaba, akkasumas abukaatoo gahumsaa fi muuxannoo hin qabne deddeebisanii fayyadamuun rakkoowwan ifaan mul'tani dha. Rakkoowwan armaan olii kun abukaatoo ramaddiif akka mudaatti kan ka'an ta'ullee itti fayyadamuuf garuu sirna salphaa ta'e dha.

2.2.3. Sirna Waliigaltee

Sirni kun sirnoota jiran keessaa isa haarawaa dha. Biyya Ameerikaa keessattis yeroo ammaa itti hojjatamaa jira. Sirni kun himatamtoota deeggarsa seeraa barbaadaniif tajaajilli abukaatoo dhuunfaa waliigaltee mootummaa wajjin godhamuun taajajila kennamu dha. Sirna kana keessatti abukaatoon dhuunfaa maallaqa waliigaltee dursa fudhachuun yookiin '*block grant'* godhameefii booda dhimma sana ilaalu calqaba.

Sirni waliigaltee kun biyyoota abukaatoo ittisaa mootummaa qaban keessatti illee hojiirra oolaa jira. Keessattuu yeroo abukaatoon walaba ta'e barbaachisu akkasumas walitti

[17].Isuma gubbaa, fuula 379

bu'iinsi dantaa yeroo jiraatuu fi dhimmoonni walitti fufuun akka malee kan baay'atu yoo ta'e faayidaarra oola.[18]

Yeroo baay'ee biyyootni baay'inni ummata isaanii muraasa ta'ee waajjira abukaatoo ittisaa kan hin qabne yoo ta'e sirna kanatti fayyadamu. Hayyoonni baay'een sirni waliigaltee akkuma sirna rammadii bu'a qabeessaa fi gatii salphaan himatamtoota hedduun gargaarsa akka argatan kan taasisu dha jedhu.[19]

Haalli qoodinsa isaanii akkuma jirutti ta'ee biyyootni baay'een kabajamuu mirga himatamaaf abukaatoo ittisaa mootummaa fi abukaatoo dhuunfaa waliin makuun fayyadamu.Kanaaf abukaatoon ittisaa mootummaa, abukaatoon ramaddii, fi abukaatoon waliigaltee waliin ta'uun haqaaf hojjatu.

Gosoota abukaatoo ittisaa sadan keessaa biyyi keenya haala qabatamaa amma hojiirra jiruun abukaatoo ittisaa mootummaa (Manneen Murtii Ol'aanaa fi Waliigalaa kessatti) qofa fayyadamti. Abukaatoon Ramaddii fi Sirna Waliigaltee qabatamaan sadarkaa biyyaattis ta'ee naannootti hin jiru.

2.3 BARBAACHISUMMAA ABUKAATOO ITTISAA

Mirgoota himatamaaf laataman keessaa isa tokko kan ta'e mirgi abukaatoon deegaaramuu baay'ee barbaachisaa dha. Sababiin isaas mirgi kun kabajamuun isaa bu'uura kabajamuu mirgoota namoomaa isaan birooti. Mirgi himatamaa kan ilaalamuu qabu sirna dhagaha idilee ykn guutuu adeemsa dhimma yakkaa irratti hundaa'eeti. Karaa birootiin immoo mirgi kun yeroo himatamaan tokko himanni irratti dhihaatee kaasee hanga murtiin balleessummaa kennamutti ykn hanga bilisa bahutti kan jiru dha.[20] Barbaachisummaa abukaatoon ittisaa sirna haqaa biyyattii keessatti qabu baay'ee bal'aa waan ta'eef isaan keessaa muraasa isaanii tokko tokkoon ilaalla.

[18] Isuma gubbaa, fuula 379
[19] .Isuuma guubba, fuula 380
[20] .Abdi Jibril fi Zenebe Adelalu;Legal Profession and Ethics teaching material : sponsored justice and legal system research institute;2009, fuula 92

2.3.1. DHUGAA BAASUUF

Sirna haqaa biyya tokkoo kdeessatti dhugaan gahee guddaa qaba. Kanaaf gaheen abukaatoon ittisaa dhugaa baasuuf qabu akka salphaatti kan ilaalamu hin ta'u. Seerri yakkaa haala gaariin hojiirra ooleera jechuuf kan dandeenyu yeroo namoonni yakka raawwatan kan adabamanii fi akkasumas yakka kan hin raawwanne immoo bilisa kan gaggeeffaman yoo ta'edha.

Hayyuun Hart jedhamu akka jedhetti:

> "*In order to legitimate a specific punishment a moral license is required in the form of proof that the person punished broken the law…*" [21]

Kana jechuunis, adabbiin tokko seera qabeessa jedhamuuf namni adabamu isa seera cabse qofaa ta'uu mirkanaa'uu barbaachisa. Jecha hayyuu kanarraa akka hubannutti seera qabeessummaan Seera Deemsa Falmii Yakkaa kan madaalamu yoo kaayyoo lama guutee argame dha. Inni tokkoffaan sirnichi hangam haala mijeessee akka yakkamtootni (namootni seera cabsan) seeraan adabaman gochuusaa fi inni lammaffaan immoo namootni yakka hin raawwanne hagamtu bilisa bahe kan jedhu guutuu qaba.

Gama lamaaniinuu haqni dabuu ni danda'a.[22] Kunis kan ta'u yeroo yakkamaan tokko bilisa bahuu fi namni nagaan ykn yakka hin dalagiin adabamu dha. Kanneen lamaan keessaa kan ilaallu namootni yakka hin raawwanne hangamtu bilisa bahe? akkasumas sirnichi dhugaan akka bahuuf hangam haala mijeessee jira? kan jedhu dha. Hojmaatni jiru akka mul'isutti sirni haqaa keenya dogoggora akkasii irraa bilisa miti. Sababni isaas, yeroon itti namoonni yakka raawwatan bilisa bahaniifi namootni qulqulluun ammoo adabaman hojimaata jiruun hubachuun ni danda'ama. Kanaaf rakkoo kana furuuf jiraachuun abukaatoo ittisaa dirqama dha. Jiraachuun abukaatoo ittisaa qofti rakkoo kana furuu waan hin dandeenyeef bu'a qabeessummaan tajaajila maamila isaaniif kennaniis ilaalamuu qaba. Dhabamuun abukaatoo ittisaa akka haqa dabsuu danda'u tilmaamuun rakkisaa miti. Kanaafuu gaheen abukaatoon ittisaa dhugaa baasuuf qabu guddaa dha.

---

[21] .Wondowossen Demissie Kassa :Ethiopian criminal procedure; Addis Ababa university, 2012, fuula 36

[22] .Isuma gubbaa, fuula 37

2.3.2 .MIRGA HIMATAMAA KABACHIISUUF

Kaayyoon mirga himatamaa abukaatoo ittisaan deeggaramuu kan xiyyeeffatu himatamaan kamiyyuu dhugumaan yakka osoo hin raawwatiin sababa hanqina mallaqaa fi beekumsa seeraa dhabuutiin mirgi isaa akka hin sarbamne ittisuuf akka ta'e salphaatti hubachuun ni danda'ama.[23]

Yeroo baay'ee hayyootaa fi beektota saayinsii dabalatee seera irratti hubannoon hawaasni tokko qabu gadi aanaa dha. Warri akkasii kun immoo himanni yeroo irratti dhihaatu ogummaa fi dandeetti seeraa waan hin qabneef deebii afaaniinis ta'e barreeffamaan akka barbaachisummaa isaatti dhiheeffachuu hin danda'ani. Kanaafuu qaamotni hawaasaa kun gorsa seeraa sadarkaa dhagaha kamiirrattuu ni barbaadu.[24]

Himatamaan ogummaa fi dandeettii seeraa dhabuusaatiin, sababa abukatoon dhaabachuufii hin dandeenyeef, akkasumas yoo abukaatoon kan bakka bu'eef ta' e immoo haala gaariidhaan hin falmiin yoo hafe ta'e haqni akka dabuuf karaa guddaatu saaqama. Rakkina guddaa haala kanaan himatamtootarra gahuu danda'u hanbisuuf immoo barbaachisummaan abukaatoo ittisaa gahumsa qabuun deeggaramuu guddaa ta'a.

Akkasumas adeemsa falmii keessatti himatamaan beekumsaa fi ogummaa gahaa ta'e hin qabne mana murtiitti dhihaatee kan falmii taasisu Abbaa Alangaa waliin waan ta'eef falmicha irratti bilisa ba'uu kan qabu adabamee ykn ammoo adabbii yakka raawwatameen wal hin madaalle akka hin adabamne gochuuf gaheen abukaatoo ittisaa daran olaanaa dha.[25]

2.3.3. QAAMOLEE HAQAA GARGAARUUF

Qaamoleen haqaa kan akka mana murtii, waajjira haqaa fi poolisiin hundi isaanii waliin ta'uun haqa baasuu fi amantaa uummatni qaamolee haqaa irraa qabu dagaagsuuuf tokkummaan akka hojjachuu qaban ni beekama. Kanaaf tokkoon tokkoon isaanii gahee mataa mataa isaanii qabu. Dhabamuun qaama tokkoo isa jiru irratti ba'aa guddaa ta'a. Akka fakkeenyaatti yoo ilaalle Abbaan Seeraa tokko bakka abukaatoon ittisaa hin jirretti hojii lama hojjata. Gama tokkoon dhaddacha kan hoogganu yeroo ta'u gama biraatiin immoo hojii idilee abukaatoo

[23] .Murado Abdo: *Indigent`s right to defense counsel in Ethiopia*, Fuula 140.
[24].Isumaa gubbaa, fuula 141.
[25].Miiljalee olii 13, fuula 64.

ittisaa kan ta'e hojjachuuf ni dirqama. Kun immoo yeroo barbaadamu keessatti hojiin qulqulla'aa ta'e akka hin hojjatamneef duubatti harkisa.[26]

Qaamolee haqaa keessatti si'oomina hojii dabaluuf, qulqullina hojii argamsiisuuf, akkasumas amantaa uummataa akka barbaachisuun horachuuf gumaachi abukaatoo ittisaatiin godhamu baay'ee bal'aa dha.

2.3.4. OL'AANTUMMAA SEERAA KABACHIISUU

Biyya tokko keessatti ol`aantummaan seeraa kan mirkanaa`u qaamolee mootummaa fi uummanni dura qajeelfmicha irratti amantaa guutuu yoo qabaatanii fi sana booda yoo ittiin qajeelfamanii dha. Kunis kan milkaa`u hojii seeran alaa yoo raawwachuu dhisanii fi kan raawwate immoo cimsanii yoo mormanii dha. [27]

Kallattii biraatiin ol`aantummaan seeraa kan mirkanaa`u mirgootaa fi bilisummaa bu`uuraa heeraan mirkanaa`anii fi eegumsi kennameef yoo kabajamani dha. Kana dhugoomsuuf manni murtii bu`uura heeraa fi seeratiin murtee yoo laatani dha. Murtiin kennamus haala sirna heeraa fi seeraan diriirfameen ta`uu qaba.[28] Ol`aantummaan seeraa kan mirkanaa`u tarkaanfiiwwan qaamoleen haqaa fudhataniin itti gaafatamoo yoo ta`ani dha. Keessattuu abukaatoon qaamolee mirga kana kabachiisan keessaa tokko waan ta`eef ol`aantummaa seeraa kabachiisuuf dirqama akka qabu seensa labsii federaalaa eeyyamaa fi galmeessa abukaatoo irraa ni hubatama. Kutaalee itti aanan keessattis mirga heera mootummaan himatamtootaaf kenname/eegumsi taasifameef kabachiisuu keessatti gaheen abukaatoo ittisaa maal akka ta'uu qabuu fi hojimaatnijirus maal akka fakkaatu qabxii xiyyeeffannoon itti laatameedha.

2.4 SEENAA FI HAALA GUDDINA ABUKAATOO ITTISAA

Bara 1776' tti manneen murtii mirga himatamaa abukaatoo ittisaaan deeggaramuudhaaf biyya Ameerikaatti beekkamtii kennanii jiru. Naannoo 'Pennsylvania'tti yakkoota ciccimoo ta`aniif abukaatoon ittisaa dhagaha guutuu keessatti akka dhaabatuuf tasifamee jira. Bara

[26] . Aderajew Teklu fi kedir Mohammed; Ethiopian criminal procedure, teaching material under the sponsorship of justice and legal system research institute ,march 2009,fuula 92.
[27] . .Abduljabbar Hussen,shuuraa Bakaraa:Heera Kabajuu fi kabachisuu shoora Qaamolee Haqaa:Adaamaa ,2000 fuula 18.
[28] .Isumaa gubbaa, Fuula 19

1790'tti seera baastuun yakkoota aangoo federaalaan ilaalaman hundaaf gaaffii himatamaan manni murtii abukaatoo ittisaa akka dhaabuuf tumameera. Bara 1791 fooyya'insi jaha erga raggaasifamee booda heera mootummaa naannolee saddeet keessatti mirgi kun hammatameera.[29] Haa tahu malee, heerri mootummaa tokko illee yakkoota sasalphaaf bakka hin keennine. Waggoota 150'f manneen murtiii mirga kana kabachiisuuf hubbannoon isaan qaban xiqqaa ture. Garuu dhawata keessa jalqaba bara 1920 mirgi kun fooyya`insa kudha afuriitiin hojii irra ooluu eegale.[30]

Tajaajilli abukaatoo ittisaa sirriitti hundee kan godhate dhimma **'LANDMARK'** Ameerikaa keessatti **GEDEON FI WAIN WRIGHT** gidduutti bara 1963 gaggeeffameen dha. Himatamaan Gideon jedhamu kun qabeenya balleessuun kan himatame yoo tahu, manni murtii waligalaa isaaniis sirni mirgi kun akka hojii irra hin oolleef dhorku falmii madaalawaa waan hin jechisiisneef murtii kana irraa eegalee abukaatoon ittisaa akka dhaabatuuf murteessineerra jechuun murtee keennaniiru. Dabalataanis namni kamiyyuu yakkaan himatame Ameerikaa keessatti mirga abukaatoo ittisaa argachuu akka qabu heera mootummaa Ameerikaa foyya`insa yeroo jahaffaaf tasifame irratti tumamee jira. Barbaachisummaan foyya`iinsa kanaas himatamtootni hundi mirga kanatti fayyadamoo akka ta`an mirkaneessuufi dha.[31]Hawaasni hundi garaagarummaa sababoota adda addaan haala qabeenya himatamaa, akaakuu yakkichaa fi haala sammuu isaanii ilaalcha keessa osoo hin galchiin walqixxummaan mirga kana irraa fayyadamoo akka ta`an godhameera.[32]

Caalaattiyyuu yeroo ammaa kana abukaatoo seeraatti gargaaramuu qofa osoo hin ta`iin abukaatoon himatamaaf dhaabbatu sun gahumsa qabaachuu qaba kan jedhutti ce`anii jiru. Yaada kana manni murtii biyya Ameerikaa dhimma '**In Mc.Mann vs Richordan'** irrattii akkas jedheera.

[29].Miiljalee olii 16, Fuula 372.
[30] .Isumaa gubbaa, Fuula 374.
[31] .Debra S.Emmelman; 2006; *Justice for poor,* Great Britain: Ashgate publishing limited .com; fuula,69.
[32].Miiljalee olii 16, Fuula 374.

"...the right to consult is the right to the effective assistance of the counsel. If the right to consult guaranteed by constitution is to serve its purpose defendant can`t be left to the mercies of the incompetent counsel"[33]

Gara Afaan Oromootti yoo deebifnu "...mirgi gorsa seeraa argachuu mirga abukaatoo gahuumsa qabuun deeggaramuuti. Mirgi gorsa seeraa argachuu heeraan eegumsi kennameef kun kaayyoo silaa barbaadameef galmaan gahuuf, abukaatoo ittisaa gahuumsa barbaachisaa hin qabne irratti maxxanuu hin qabu."

Akka ibsa kanaatti mirgi Abukaatoon bakka bu'amuu heeraan eegumsi godhameef kun mirga bakka bu'amuu qofa osoo hin ta'in mirga tajaajila bu'aa qabu argachuuti waan ta'eef abukaatoo gahumsa qabuun bakka bu'amuu qaba jechuu dha.

Seenaa abukaatoo ittisaa ilaalchisee gama Itiyoophiyaatti yoo dhufnu nama yakkaan himatamee abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenyeef yookiin dandeettii gadi aanaa qabuuf baasii mootummaatiin abukaatoo ittisaa himatamaaf dhaabuuf beekamtii kenniteetti. Itiyoophiyaa keessatti mirgi kun akka qajeeltootti beekamtii argachuunsaa yeroo dhiyoodhaa as kan ta'e osoo hin taane jaarraa 20^{ffaa} keessatti heerotni barreeffamaa hojiirra oolan afran irra keessa yookiin gadi fageenyaan waa'ee mirga kanaa kaa'aniiru[34].

Heerri barreeffamaa Itiyoophiyaaf jalqaba ta'e kan bara 1931 A.L.A bahe mirga gorsa seeraa argachuu ilaalchisee addatti tumaa ifa ta'een yoo kaa'uu baatellee, sirna/adeemsa falmii yakkaa (due process of law) ilaalchisee qajeeltoo kaa'ee jira. Dhagaha madaalamaan immoo qajeeltoo "due process of law" ykn sirna falmii yakkaa keessaa qabxii tokkodha. Keewwattoota Heerichaa 23-28 jiran irratti kallattiidhaan qajooltoo kana ifatti yoo kaa'uu baatellee, keewwattoota walitti qabaan yoo dubbisnu qajeeltoon kun hammatamuu isaa ni hubanna.. Dhagaha madaalamaan qabxii qajeeltoo kanaa keessaa isa tokkodha. Dhagaha madaalaamaan immoo, sirna adeemsa falmii yakkaa keessatti, yoo xiqqaate, bakka barbaachisaa ta'etti, jiraachuu abukaatoo ittisaa ni dabalata.[35]

[33] . Hasan Damissee fi Habib A/Jabal; seera deemsa falmii yakkaa dhagaya idilee dhimma yakkaa; ILQSO, fuula 17
[34] .Miiljalee olii 17, fuula 142.
[35] .Isuma gubbaa, fuula 142

Heerri mootummaa Itiyoophiyaa kan bara 1931 bahe abukaatoo ittisaa mootummaatiin dhaabatu ilaalchisee al-kallattiidhaan yoo kaa'u, heera mootummaa bara 1955 fooyya'ee baherratti ijoo kanarratti ifatti tumeera. Heerri bara 1955 fooyya'ee bahe kewt. 52 jalatti himatamaan himata irratti dhiyaate ofirraa ittisuu hin danda'u yoo ta'e yookiin ogeessa seeraa dhaabbachuu yoo hin dandeenye ta'e, manni murtii abukaatoo ittisaa akkaataa seeraan akka dhaabuuf ibseera. Karaa biraatiin kaka'umsa heeraan mul'ate kana hojiitti hiikuuf Itiyoophiyaan seera deemsa falmii yakkaa bara 1965 hojiirra oole kewt. 127 jalatti himatamaan yeroo abukaatoodhaan deeggaramu abukaatoon kun himatamaa waliin dhaddacharratti dhiyaachuu akka qabu tumeera.[36] Dabalataanis keewwata 61 jalatti namni to'annaa seeraa jala oolee mana murtiitti hin dhiyaanne tokko abukaatoo isaa waammachuu fi mari'achuu akka danda'u tumamee jira.

Heerri Mootummaa Itiyoophiyaa bara 1987 bahes mirga gorsa seeraa argachuu lammiilee ilaalchisee kewt.32(3) jalatti himatamaan yakka cimaatiin yoo himatamee fi ogeessa seeraa baasii dhuunfaasaatiin dhaabbachuu kan hin dandeenye ta'uunsaa yoo mirkanaa'e mootummaan bu'uura seeraatiin abukaatoo ittisaa ni dhaabaaf jechuun ifatti tumeera.[37]

Bara 1991 keessa Itiyoophiyaan bulchiinsa sirna sooshaalizimii jalaa baatee chaarterii mootummaa yeroo ce'umsaa raggaasifteetti. Chaarteriin kun kewt. 1 jalatti waliigaltee mirga namoomaa irratti akka addunyaatti bara 1948 taasifameef (UDHR) beekamtii laateera. Dookumantiin kun kewt. 11(1) jalatti namni yakkaan himatame kamuu dhaddacha ifaatti himata irratti dhiyaate ofirraa ittisuu akka danda'uuf haal-dureen baarbachisaa ta'e guutamuufii qaba jedha. Kunimmoo yeroo bal'atee hiikamu Itiyoophiyaan mirga gorsa seeraa argachuu himatamaaf eeguushee cimsitee akka itti fufte ni mul'isa. Waliigalteen addunyaa mirgoota hawaasummaa fi siyaasaa (ICCPR), Itiyoophiyaan bara 1993 kan raggaasifte, kewt. 14(3)(d) jalatti namni yakkaan himatame kamuu faayidaa haqaaf yoo barbaachise, akkasumas abukaatoo seeraa argachuuf kaffaluu kan hin dandeenye yoo ta'e kaffaltii malee abukaatoon ittisaa mootummaadhaan ni dhaabataaf jedha.[38]

[36] .Isuma gubbaa, fuula 143
[37] .Isuma gubbaa,fuula 143
[38] .Isuma gubba, fuula 144

Bara 1994 keessa sadarkaa M/M/W/F'tti Itiyoophiyaan waajjira Abukaatoo Ittisaa hundeessiteetti. Waajjirri kun hundeeffamasaa irraa kaasee namoota bara 1974 hanga 1978 gidduutti 'shororkeessummaa diimaa' /Red Terror/ keessatti yakka rawwatan jedhamanii himatamaniif gargaarsa seeraa gochaa tureera. Himatamtoota kanaan alas yakka cimaatiin kan himatamaniif waajjirri abukaatoo ittisaa kun gargaarsa seeraa ni godha.[39]

Heerri Itiyoophiyaa bara 1995 hojiirra oole tumaa olitti ilaalle waliin kan walfakkaatu kewt.20(5) jalatti ifatti kaa'ee jira. Tumaan heera kanaa himatamaan mirga gorsaa seeraa filannoosaatiin bakka bu'amuu fi yoo kaffaluu hin dandeenye ta'ee fi yoo haqni ni daba jedhamee kan yaadamu ta'e baasii mootummaatiin ogeessa seeraatiin bakka akka bu'amu ni ibsa.

Keewwata heeraa kana irraa kan hubatamu mirgi kun haal-duree irratti kan hundaa'u ta'uu isaati. Akka qajeeltootti mirgi abukaatoo Seeraatiin gargaaramuu mirga himatamaa hundaaf eegamedha. Garuu, himatamaan Abukaatoo ittisaatiin gargaaramuuf ulaagaleen lama guutamuu qabu. Himatamaan baasii isaatiin Abukaatoo Ittisaa dhaabbachuu kan hin dandeenye yoo ta`ee fi himatamaan abukaatoon yoo bakka hin bu`amin haqni jallachuu danda`a jedhamee yoo amanamee dha.[40]

Karaa biraatiin Heerri Mootummaa Naannoo Oromiyaa keeww. 20(5) heera federaalaa waliin tumaa walfakkaatu kan tume yoo ta'u, labsiin lakk. 141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe kwt.17 jalatti namni kamuu abukaatoo dhaabbachuuf mirga kan qabu ta'uu isaa ibsa. Labsiin kun kewt.17(2)tiin *"yakka hidhaa cimaa waggaa shaniin gadi hin taaneen adabsiisuun himatame"*jedha. Kunis yakkichi hidhaa cimaa waggaa 5 fi isaa ol adabsiisu yoo ta'e manni murtii abukaatoo himatamaaf dhaabuun dirqama ta'a. Asirratti yakki himatamaan itti himatame waggaa 5 gadi kan hin adabsiifne ta'uun mirga kana gonfachiisa.[41]

Walumaagalattii, heerota Itiyoophiyaa yeroo adda addaa bahanii hojiirra turan yeroo ilaallu himatamaaf abukaatoo seeraa mootummaatiin akka dhaabatuuf gochuu irratti ijjannoon

[39] .Isuma gubba,fuula 151
[40] .Miiljalee olii 27, fuula19.
[41].Isuma gubbaa, Fuula.19

garaagaraa ni mul`ata. Kunis ulaagaa heerotni kuni kaa`an irrattii hunda`uun mirgi himatamaaf kenname kun dhiphachaa yookin bal`achaa dhufuu isaa irratti kan mul`atudha.

Haala kanaan heerri mootummaa Itiyoophiyaa bara 1931 bahe abukaatoo himatamaaf dhaabuu irratti ifatti kaa`uu baatus al-kallattiidhaan dhimma kanarratti ulaagaa kaa'eeru waan hin qabneef bal'aadhas dhiphaadhas jechuuf ni rakkisa. Heerri bara 1955 fooyya'ee bahe garuu ulaagaalee lama kaa'ee jira. Kun immoo mirgi kun akka dhiphatu taasiseera. Heerri bara 1987 bahes haaluma walfakkaatuun ulaagaalee waan kaa'eeruuf raawwatamummaa mirga kanaa dhiphiseera. Heerri bara1995 bahe immoo ulaagaa yakka cimaa jedhame heera bara 1987 bahe irratti tumame waan hambiseef eegumsi mirga himatamaaf godhamu akka bal`atu taasiseera.

2.5 MADDA AANGOO ABUKAATOO ITTISAA

Ilmi namaa nama ta'uusaatiin mirgootaa fi bilisummaa bu'uuraa akka gonfatu gochuuf karaa tajaajila gorsaa seeraa gahumsa qabu ittiin argatu mijeessuun barbaachisaa akka ta'e seenaawwan bu'uuraa Mootummoonni Gamtoomanii shoora ogeessoota seeraa murteessuuf tume irratti sirriitti caqasameera. Mirgoonni bu'uuraa fi bilisummaan lammiilee keessattuu mirga abbaa seerummaa ifaa fi haqa qabeessa ta'e argachuu dha. Waliigalteewwanii fi ibsootni mirga namoomaa guutuu addunyaa irratti kan taa'e ta'uun caalaa yakkaan shakkamanii namootni qabamanii fi himataman, akkasumas namootni hidhaa jala jiran hanga dandayametti tajaajila gorsa seeraa barbaachisaa ta'e argachuu akka qabanii fi abukaatoo isaanii waliin wal-qunnamuu fi mari'achuu, icciitiinis akka eegamuuf bilisummaa guutuu akka qabaatan tumameera.[42]

Bara 1990 A.L.A'tti sonawwan bu'uuraa shoora ogeessota seeraa mootummoota gamtoomaniitiin tumaman jidduudhaa inni tokkoo fi inni muummeen namootni hundi adeemsa murtii yakkaa keessatti mirgoota bu'uuraa isaanii eegsisuu fi ofirraa ittisuuf tajaajila gorsa seeraa dhaqqabamummaa qabuu fi gorsitoota seeraa ykn abukaatoo karaa salphaa ta'een

[42] .Makaashaa Abarraa fi Urgeessa Ganamoo; Naamusa Ogummaa Abbootii Seeraa fi Abbootti Alangaa moojulii leenjii hojii duraa, caamsa 2001,fuula 90.

argachuu akka qabanii fi mootummootnis kallattii argatan tooftaalee fi sirnoota bu'a qabeessa ta'an diriirsuutu isaan irraa eegama.[43]

Kallattii kanaan mootummootni itti gaafatamummaa addaa akka qabanii fi itti gaafatamummaa kanas qarshii gahaa ramaduudhaan hiyyeeyyii fi kutaaleen hawaasaa dhiibaman kan biroos kaffaltii malee akka tajaajila seeraa argatan gochuus ni dabala.[44]

Haala kanaan wal-qabateen adeemsa murtii yakkaa keessatti namoota qabamanii fi himatamaniif mirgootni bu'uuraa namoomaa fi bilisummaan isaanii akka eegamu gochuun itti gaafatamummaa mootummaa akka ta'e hubatamuu qaba.[45]Akkaataa kanaan mootummaan namoota yakkaan shakkamanii qabamaniifi himatamaniif akkuma qabamaniin yeroosuma qaamolee haqaa gorsaa seeraa filatanii bakka buusuu fi mirga tajaajila gorsaa barbaachisaa ta'e argachuu qabaachuusaanii akka beekan godhamuu isaa mirkaneessu qabu.[46]

Keessattuu sababa humna kaffaluu dhabuudhaan namootni tajaajila gorsa seeraa argachuu hin dandeenye baasii mootummaatiin gorsaa seeraa gahumsa gahaa qabu akka argatan godhamuu qaba.[47] Mootummaadhaan gorsaan seeraa ramadamuuf muuxannoo fi dandeettii gahaa kan qabu ta'uu qaba. Gorsitoota seeraa dandeettii fi muuxannoon isaanii laafaa hin taane ramaduun mootummaa irratti itti gaafatamummaa kaa'amee jiru dha. Yakkoota baay'ee irratti namoota kaffaluuf humna hin qabneef baasii mootummaatiin abukaatoo dhaabuun kan barbaachisu haa ta'u malee dhimma yakkaatiin ala haala ta'een namoota qabamaniif motummaan tolaan dirqama abukaatoo dhaabuu akka qabu tumameera.[48]Sonawwan guutuu addunyaatti sadarkaa sadarkaan tumaman akka mul'isanitti yoo ta'e keessattuu namootni qabaman humna abukaatoo dhaabbachuu yeroo hin qabnetti mootummaan humna dandayuun erga qabamanii kaasee sa'aatii 48 keessatti gorsaan seeraa tajaajila gorsaa tolaan kennuuf ramadamuufii akka qabu dha. Kana irraa hubachuun kan danda'amu lammiileen gorsaa seeraatiin osoo bakka hin bu'amin adeemsa murtii hunda keessa akka hin darbine kan godhamu ta'uu isaa kan mul'isu dha. Jecha biraatiin, namootni humna

[43] .Standards of Professional Responisibility and statement of the essential duties and rights of prosecutors
[44].Sonawwan bu'uuraa shoora ogeessoota seeraa kan mootummota gamtoomanitin bahee, 1990, seensa isa pargarph. 9.
[45] .Miiljalee olii 13, fuula 98.
[46].Miiljalee olii 29, fuula 91.
[47].miiljalee olii 32, kewt.3.
[48] .miiiljalee olii 20, fuula 93.

dhaban sababa hiyyummaa isaaniitiin qofa osoo gorsa seeraa hin argatiin adeemsa murtii kamiyyuu irratti akka hin hirmaanne yookiin murtiif akka dhihaatan yoo godhame namootni hundi mirgi tajaajila abbaa seerummaa haqa qabeessa, madaalawaa fi iftooma qabu argachuun kabajameera jechuuf nama hin dandeessisu.

ICCPR mirga kana ilaalchisee kwt. 14(3) jalatti yoo ibsu:

> *To be tried in his presence and to defend himself in person or through legal assistance of his own choosing, to be informed if he doesn't have legal assistance, of this right and to have legal assistance assigned to him, in any case where the interest of justice so require, and with out payment by him in any such case if he doesn't have sufficient means to pay for it.*

Keewwata kana irraa kan hubatamu mirgi abukaatoon deeggaramuu akka qajeeltootti mirga himatamaa hundaaf kenname (eegame) yoo ta'u; dirqamni gama mootummaatiin abukaatoo dhaabuuf jiru himatamaan baasii mataasaatiin abukaatoo dhaabbachuu yoo hin dandeenyee fi haqa baasuuf abukaatoon ni barbaachisa jedhamee yoo tilmaamame ta'uu qaba.

Dakar declaration'nis mirga kana ilaalchisee kwt. 8 jalatti ibsa kenneen;

> *Legal Aid Access to justice is a paramount element of the right to fair trial most accused and aggrieved persons are unable to afford legal services due to the high cost of court and professional fees it is a duty of government to provide legal assistance to indgent person in order to make the right to a fair trial more effective. The contribution of the judiciary, human rights NGOs, and professional association should be encouraged.*

Keewwata kana irraas kan hubatamu namootni qabaman, himataman akkasumas hidhaa jala jiran baay'inaan sababa humna kaffaluu dhabuudhaan tajaajila gorsa seeraa argachuu hin danda'ani. Kanaafuu mirgi namoota kanaa akka kabajamuuf mootummaan itti gaafatamummaa isaatiin bajata ramaduun hiyyeessotaa fi kutaalee hawaasaa dhiibamaniif kaffaltii malee akka tajaajila gorsa seeraa argatan gochuu qaba.

Kana cinaatti qaamni seera hiiku, dhaabbileen miti mootummaa, waldaaleen ogeessota seeraa mirga kana kabachiisuuf shoorri isaan qaban jajjabeeffamuu akka qabu kaa'ee jira.

Chaartariin Afrikaa immoo kwt 7(c) jalatti mirga kana ilaalchisee yoo ibsu:

> *(C)Every individual has the right to defense, including the right to be defended by counsel of his choice:*

Akka keewwata kana keessatti hubatamutti mirgi abukaatoo dhuunfaatiin gargaaramuu mirga nama hundaaf kan keename (eegame) yoo ta'u gama mootummaatiin haa dhaabatuuf kan jedhu irratti wanti ibse hin jiru. Sababni isaas namoota hiyyeessa ta'anif abukaatoo baasii mooummaatin dhaabuuf humni biyyootni Afrikaa qaban kan hayyamu miti.[49]

Heerri Mootummaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Federaalawaa Itiyoophiyaa kewt. 20(5) jalatti mirga kana ilaalchisee yoo ibsu *"an accused person have the right to be represented by legal counsel of his choice,and if they do not have sufficient means to pay for it and miscarriage of justice would result, to be provided with legal representation at state expense ."*

Kana jechuunis himatamaan baasii isaatiin abukaatoo dhaabbachuu yoo hin dandeenye ta'ee fi yoo haqni jallachuu danda'a jedhamee amaname (if miscarriage of justice would result) abukaatoo ittisaa baasii mootummaatiin argachuuf mirga kan qabu tahuu ibsa. Karaa biraaatiinis wanti hubatamu mirgi kun namoota qabamaniif kan hin eegamne tahuu isaati. Mirgi kun kan eegame namoota himanni irratti dhiiyaatee mana murtiiitti dhiiyaatanif qofa dha. Kanaaf namoota qabamanii buufata polisii jiraniif mirgi abukaatoo ittisaa baasii mootummaatiin argachuu eegameefii hin jiru.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa irrattis mirgi kun haalumaa wal fakkatuun ta`ee jira.[50]Labsiin Lakk. 141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa Irra Deebi'anii Hundeessuuf bahe kwt 17 (1) jalatti namni kamuu abukaatoo dhaabbachuuf mirga ni qaba; (2)nama abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenyee fi yakka hidhaa cimaa waggaa shanii gadi hin taaneen adabsiisuun himatameef manni murtii baasii mootummaatiin abukaatoo ittisaa ni dhaabaaf jechuun tumameera.

[49] .Miiljalee olii 5, fuula 17.
[50] . kwt.20(5) Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa.

Labsii kana irraa kan hubatamu himatamtoota waggaa shaniif isaa ol adabamaniif abukaatoon ittisaa ni dhaabataaf jechuun isaa gama tokkoon yoo ilaalu gaalee heera mootumaa keessatti caqasamee 'haqni ni daba' jedhu hiiku isaati[51]. Kanaaf akka hiika labsii kanaatti hir'achuun haqaa kan ilaalamuu qabu ulfaatina yakkichaa irraatti hunda`uun ta`a. Sababni yakka adabbii hidhaa cimaa wagga 5 fi isaa ol adabsiisuuf labsichaan abukaatoon akka dhaabatuuf ibsame himatamaan yakka adabbii cimaa adabsiisuun himatame kan itti murtaa'u yoo ta'e ni miidhama waan ta'eefi dha. Akkuma yakki ittiin himataman cimaa deemuun yoo abukaatoo malee falmatan miidhaan himatamtoota irra gahus cimaa deema. Nama yakka waggaa 5 gadi adabsiisuun himatameef abukaatoo dhaabuuf immoo humni biyyaas kan hayyamu miti. Miidhaan himatamaa irratti dhaqqabus kan yakka cimaan himatameetiin gadi dha.[52]

2.6 HOJIIWWAN YOOKAN DIRQAMOOTA ABUKAATOO ITTISAA

Abukaatoon Ittisaa akkuma Abbaa Alangaa qondaala mana murtiiti.[53]Abukaatoo ittisaa argachuun akka ka'uumsaatti mirga ta'uun isaa bu'uura heeraa kan qabu dha. Kanuma cimsuuf seera adeemsa falmii yakkaa bara 1952 bahee yeroo ammaa hojiirra jiruufi labsiin lakk. 141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa irra deebisanii hundeessuuf bahe waa'ee mirga kanaa kallattiin kaa'aniiru. Hojiiwwan gurguddoon abukaatoo ittisaatiin hojjatamuu qaban tokko tokkoon bakka tokkotti tarreeffamee kaa'amuu baatus seerota adda addaa mirga kana himatamaa gonfachiisan keessatti al-kallattiin kaa'amanii jiru.

Himatamaa waa'ee mirgasaa tokko tokkoon fi mana murtii keessatti waan ta'uuf jedhu dursee hubachiisuu akkasumas himatamaan sun murtee murteessuu hunda irratti gorsa seeraa barbaachisaa ta'e kennuufin gahee abuukaatooti.

Fakkeenyaaf gaaffii qo`annoo biyya Amerikaa keessattii dhimmuma harkaa qabnu irratti godhamee irrattii abukaatoon ittisaa waan deebisee haa ilaalu.

> Ingmar: *"It doesn't make any difference that (I am) court- appointed. As a defense attorney, My job is to be an advocate for my client. And as I tell them when I first get*

[51] .Miiljalee olii 17, fuula 147.
[52] .Miiljalee olii 27, fuula 17.
[53] .Miiljalee olii 2, fuula 375.

this case…. I am to advise them, make sure they understand all the options, what is happening to them, what choices they have and I am also advising them as to what is think the best thing for them to do is and why .And I run the case I decide what the defense is going to be and have its going to be presented, and what witnesses are going to be presented".[54]

Walumaagalatti hojiiwwan gurguddoon Abukaatoo Ittisaan dalagaman haala raawwannaa yakkichaa tooftaa barbaachisaa ta'e hundaa fayyadamuun qorachuu; Himataa, poolisii fi ragoolee afaanii qorachuu; Abbaa Alangaa waliin waa'ee yakkichaa mari'achuu; Himatamaa dhagaha duraa hundarratti bakka bu'uu fi dhimmicha dhagahaaf qopheessuu; Dhagaha guutuu irratti bakka bu'uun tajaajila bu'aa qabeessa ta'e dhaddacha irratti gaggeessuun dhugaa irratti hundaa'ee gaaffii qaxxaamuraa ragoota himatamaarratti dhiyaatan gaafachuu fi gaaffii duraa ragaan ittisaa gaafatamuu qabu dursee qophaa'uun dhaddacha irratti hojiitti hiikuu; Yeroo yaadni adabbii keennamu wantoota ka'uu qaban adda baafatanii baruu; Ol'iyyaannoo irratti gargaarsa gochuu; fi yeroo hundaa beekumsaa fi dandeettii isaanii dabaluuf caraaqqii mataa isaanii gochuu fa'a.[55]

Gara Naannoo Oromiyaatti deebinee yoo ilaalle dhimma yakkaa kamiyyuu irratti abukaatoon ittisaa gargaarsa gochuu qaba. Akka labsii lakk.1999/2000 Mannen Murtii Federaalaa Kenniinsa Eeyyamaa fi Galmeessa kewt. 2(3)(a) jalatti kaa'ameen tajaajilli abukaatummaa kan of keessatti qabatu himatamaa dhagaha duraafi guutuu irratti bakka bu'uu, dhimmicha dhagahaaf qopheessuu, yaada adabbii salphisu kennuu, fi wantoota gara fuulduraatti ta'aniif gargaarsa seeraa gochuun hammatamanii argamu.

2.7 NAAMUSA ABUKAATOO ITTISAA

Abukaatummaan itti gaafatamummaa ol'aanaa kan hordoofsiisuu fi bulchiinsa haqaa keessatti ogummaa gahee ol'aanaa qabu waan ta'eef abukaatota irraa naamusni ol'aanaan ni eegama. Kana irraa kan ka'e abukaatonni jireenya dhuunfaa isaanii keessattis gocha ogummicha xureessuu danda'u irraa of qusachuutu irraa eegama. Kanarra darbees namootni oguummaa walfakkaatu keessa jiran yommuu hir'ina naamusaa mul'isan gorsuu fi yeroo

[54] .Miiljalee olii 25, fuula 86
[55] .Miiljalee olii 11, fuula 376

barbaachisaa ta'ee argamu immoo qaama dhimmi ilaallatuuf itti gaafatamuummaadhaan gabaasuu qabu.[56]

Abukaatoon ittisaa shakkamaan tokko akka hin sobne akkasumas yakka biraa akka hin raawwanne gorsuun naamusa ogummaa isaanii waan ta'eef maamila isaanii kallattii kanaan ijaaruu ykn amansiisuu qabu.

Akka hayyuun seeraa **DAVID .G.BRESS** kaa'etti :

> *"A defense attorney does not promote the attainment of justice when he secures his clients freedom through illegal and impoper means"* [57]

> Gara Afaan Oromootti yoo deebifnu "abukaatoon ittisaa karaa sirrii hin taanee fi seeraan ala ta'een maamila isaa bilisa baasisuun fooyya'iinsa haqaaf gumaacha hin qabu."

Abukaatoo itisaa bilisummaa maamilaa isaa haala seera qabessa fi sirrii hin taaneen eegsisee haqaa fi sirna haqaa ni miidha. Kanaaf, Abukaatoon ittisaa kan dhaabbachu qabu dhugaa baasudhaan haqa mirkanneesuufi malee shakkamtoota yakkan bilisa baasu qofaaf miti.

Abukaatoon ittisaa hojii abukaatummaa raawwaturratti ogummaa isaa hojiirra oolchuu qaba. Dirqamni kunis mana murtii keessatti itti gaafatamummaa isatti kenname bahuu fi falmuu qofa irratti kan daangeffame osoo hin taane hojii waajjiraa fi dalagaa wal qabatee dhufu kan biroos raawwachuu /gaggessuu/ kan dabalatu dha.[58]

Abukaatoon ittisaa beekumsa, dandeettii fi cimina dhuunfaa hojii abukaatummaa qixa barbaadamuun gaggeessuuf isa dandeessisan eeguu fi dagaagsuuf tarkaanfiiwwan barbaachisaa ta'an fudhachuu akka qabu koodiin ittiin bulmaata Abbootii Seeraa ni ibsa.[59]Dandeettii isaa cimsuufis waa'ee guddina seera addunyaa keessaayyuu koonveeshinii addunyaa fi sanadoota mirga namoomaa ilaallatan beekuu fi odeeffannoo isaanii argachuu qaba.[60]

Karaa biraatiinis Abukaatoon ittisaa tokko iccitii maamila isaa eeguu qaba. Abbaan dhimmaa tokko iccitii nama 3[ffaa]tti hin himanne abukaatoo isaatti ni himata. Abukaatoon ittisaa

[56] .Miiljalee olii 30, Fuula 95
[57] .Miiljalee olii 5, Fuula 385
[58]. Koodii Naamusa Abbaa Seerummaa, Duudhaa 6.2
[59] . Isuma gubbaa, Duudhaa 6.3
[60]. Isumaa gubbaa, Duudhaa 6.4

tokko hariiroo namoota biraa faana qabuun iccitii maamila isaa baasuun irraa hin eegamu. Abbaan dhimmaa tokko iccitiin isaa akka eegamu hanga hin mirkaneeffannetti ifa ta'ee waan hunda hin dubbatu. Kanaaf, iccitii abbaa dhimmaa eeguun naamusa abukaatummaa keessatti gahee guddaa qaba.[61] Iccitii eeguun kan barbaachisu mirga himatamaa kabachiisuuf qofa osoo hin ta'in walumaa galatti fooyya'iinsa sirna haqaafis shoora guddaa qaba. Yoo abukaatoon iccitii hin eegu ta'e himatamaan dhugaa jiru ifatti baasee hin dubbatu. Kun immoo murtiin haqa qabeessa ta'e akka hin kennamne taasisa.[62]

Abukaatoon ittisaa tokko dhimma qabate tokkoof qophii barbaachisu hunda godhee galmee sirriitti qoratee gara dhadhachaa galuu qaba. Pireezidaantii waldaa abukaatota dhimma yakkaa kan ta'an 'Hernades' kan jedhaman waa'ee kanaa yoo dubbatan murtii sirrii ta'ee fi haqa qabeessa ta'e kennuuf Abbaan Alangaanis ta'e Abukaatoon tokko dhimma irratti falman sirriitti qo'atanii fi qophaa'anii dhaddacha galuu qabu. Dhimma falmii sirriitti osoo hin qo'atin fi hin qophaa'in gara dhaddachaatti kan galuu fi hakimni dhukkubsataa osoo hin ilaaliin gara kutaa baqaqsaa galu tokko dha jechuun dubbateera. Kanarraa haqni himatamaa tokkoos yoo sirnaan qoratame malee akka jallachuu danda'u ni hubatama.[63]

2.8 CAASEFFAMAA FI GURMAA'INA ABUKAATOO ITTISAA MANNEEN MURTII NAANNOO OROMIYAA KEESSATTI

Kufiinsa dargii booda, bara 1983 keessa, mootummaan yeroo cehumsaa Itiyoophiyaa Chaarterii raggaasifteetti. Ragga'uu Chaartarii kanaa booda labsii lakk.7/84'tiin sirni dachaa manneen murtii hundeeffameera. Bu`uura sirna dachaa kanaan naannooleenis, Oromiyaa dabalatee, manneen murtii mataa isaanii hundeeffataniiru.[64]

Dabalataanis manneen murtii Naannoo Oromiyaa labsii lakk. 6/95 fi kan isa foyyessanii bahan labsii lakk.141/2000 fi labsii lakk.54/2002 gumii bulchiinsa abbootii seeraa jajjabeesssuuf baheen dhaabbataniiru. Milkaa'ina hojii kanaatiif manneen murtii qaamolee

[61] Namusaa abukaatoo fi waliitti dhufeenya himatamaa waliin qaban, insituiyuttii leenjii qaamolee haqaa federalal abukaatoo ittisaatiif qopha`ee ,fuula 8.

[62] .Isuma gubbaa , fuula 8.
[63] .Isuma gubbaa, fuula 9.
[64] .Miiljalee olii 21, fuula 36.

haqaa biroo kan akka waldoolee abukaatoo seeraa fi kan biroo waliin daangaa naamusa abbaa seerummaa osoo hin darbin hariiroo barbaachisu uumuun hojjachuu akka qaban ni hubatama.[65]

Manneen Murtii Ol`aanaa Naannoo Oromiyaa haala baay`ina galmee keessummeessan irratti hundaa`uun sadarkaa sadiitti ramadamu. Sadarkaa tokkoffaa jalatti kan ramadaman Shawaa lixaa, Shawaa bahaa, Shawaa kaabaa, Wallagga bahaa, Wallagga lixaa, K/L/shawaa, Jimma, Harargee Lixaa, fi G/A/N/Finfinnee dha. Manneen murtii ol`aanaa sadarkaa lammaffaa jalatti kan ramadaman immoo Harargee Bahaa, I/A/Booraa, Arsii lixaa, fi Horroo Guduruu Wallaggaa dha. Sadarkaan inni dhumaa godinaalee kan akka Baalee, G/A/Adaamaa, Gujii, Booranaa, fi Qeellam Wallaggaa of jalatti qabateera .[66]

Naannoo Oromiyaa keessatti tilmaaman Abukaatoo Ittisaa 40 hanga 45 ta`anitu jiru. Yaa`ii Caffee 82^{ffaa} irratti Abukaatoo Ittisaa ta'uuf ulaagaawwan barbaachisan teechifamaniiru. Ulaagaawwan kunis sadarkaa manneen murtii ol`aanaa irratti kan hundaa`e osoo hin taane haaluma wal fakkaatuun manneen murtii Ol`aanaa fi Waliigalaaf kaa'ameera. Abukaatoo ittisaa mana murtii ol`aanaa ta`uuf LLB/Dippiloomaa seeraa kan qabuu fi muuxannoo hojii ji`a sadii kan qabu ta'uutu irra jiraata. Muuxannoon hojii barbaadamu nama LLB qabuufis ta'e Dippiloomaaf gosa tokko dha. Akkasumas Abukaatoo ittisaa M/M/W/O kan ta`u ulaagaa lama yoo guutee argame dha. Isaanis LLB ykn LLM qabaachuu, fi yoo LLB ta'e muuxannoo hojii waggaa tokkoo fi yoo LLM ta`e muuxannoo hojii hin barbaachisu. Kana malees baay`inni Abukaatoo Ittisaa manneen murtiitiif ramadamuu qaban sadarkaa manneen murtii irratti hundaa`uun caaseffamaniiru. Haaluma kanaan M/M/W/O'tiif abukaatoo ittisaa afur, M/M/O sadarkaa tokkoffaaf Abukaatoo Ittisaa sadii, M/M/O sadarkaa lammaffaaf Abukaatoo Ittisaa lama, fi M/M/O sadarkaa sadaffaatiif Abukaatoon Ittisaa mootummaa tokko ramadamuu akka qabu caasaatiin kaa`ameera.

Haala ramaddii Abukaatoo Ittisaa fi baay`ina abukaatoo manneen murtii Aanaaf barbaachisu irratti garuu caasaan akka hin jirre yaa`ii 82^{ffaa} gaafa guyyaa 17/2/99 gaggeeffame irraa hubachuun ni danda`ama. Walumaagalatti, abukaatootni ittisaa Naannoo Oromiyaa gurmaa'insi isaanii Manneen Murtii keessatti yoo ta'u, itti gaafatamummaan isaanii immoo Mana Murtii Waliigala Oromiyaatiifi.

[65] .Isuma gubbaa,fuula 37
[66] .Yaa`ii Caffee 82^{ffaa} gaafa guyyaa 17/2/99 gaggeeffame

BOQONNAA SADII

MIRGA ABUKAATOO ITTISAAN DEEGARAMUU FI

MUUXANNOO BIYYOOTA BIROO

3.1 **SEENSA**

Biyyoota mirga himatamaa Abukaatoo ittisaatiin deeggaramuu hojii irra oolchanii fi akka fakkeenyaatti caqasamuu jedhamanii ibsaman keessaa biyya Amerikaa fi Naayijeeriyaa ti. Sababa kanaanis, qorattootni kun muuxannoon ishee naannoo keenyaaf ni gargaara jennee waan amanneef asitti ilaaluu filannee jirra. Sirnota biyyoota hedduu keessatti garaagarummaan mirga himatama Abukaatoo Ittisaan deeggaramuu kan uumamuu haala bocama heera mootummaa fi sirna deemsa falmii yakkaa irratti hunada`eeti. Sababni isaas seera kabachiftuun yeroo bay`ee wantoota seera irratti tumaman qofaa kabachisuuf dirqama qabu. Kanaaf haala rawwii fi seerota biyyota biroo mirga himatamaa abukaatoo ittisaan deegaramuu ilaalchisee jiran tokko tokko haa ilaallu.

3.2 MUUXANNOO BIYYA AMEERIKAA

Mirgi abukaatootiin deeggaramuu ykn gargaarsa seeraa argachuu kan jalqabame heera Ameerikaa keessatti dha. Heera Ameerikaa yeroo jahaffaaf fooyya`e irratti mirga kana ilaalchisee yoo ibsu:

> *"In all criminal prosecutions, the accused shall enjoy the right to a speedy and public trial, by an impartial jury of the state and district where in the crime shall have been committed, which district shall have been purly ascertained by law and to be informed of the nature and cause accusation to be continued with the witness in his favor and to have the assistance of counsel for his defense.*[67]

Barreeffama kana irraa wanti hubatamu mirgoota himatamaan tokko qabu keessaa inni tokko gargaarsa seeraa argachuu akka ta'e ifatti taa'uusaati.

[67].miiljalee olii 6

Akka heera Ameerikaatti yoo himatamaan mirga abukaatoo mootummaadhaan bakka bu'u hin barbaadu jedhe manni murtii abukaatoo ittisaa dhaabuuf hin dirqamu. Kana jechuunis himatamaan of danda'ee gargaaraa tokko malee falmachuu danda'a jedhamee waan yaadamufi. Haa ta'u malee, himatamaan dhadhacha irratti dhaabbatee falmuu hin danda'u jedhamee yoo amaname nama isa gargaaru akka bakka buufatu ykn himatamaan yoo mormellee abukaatoon ittisaa ni dhaabamaaf. Biyya Ameerikaa keessatti miidiyaaleen adda addaa waa'ee abukaatoo ittisaa ykn baasii mootummaadhaan abukaatoon dhaabachuu akka danda'u odeeffannoo ni tamsaasu. [68]Bara 1966, Manni Murtii Waliigalaa Ameerikaa ajaja dabarseen namootni yakkaan shakkamanii buufata polisii jiran hundi jechi isaanii otoo hin fuudhamiin dura mirgi heeraan kenname dubbifamuufii ykn itti himamuu qaba. Mirgi kunis namootni hundi mirga abukaatoo argachuu akka danda'an beekuu akka qabanii fi dabalataanis mirga callisuu akka qaban fa'a akka dabalatu itti himama. Walumaa galatti mirgi kun*"Mirinda Right"* jedhamuun beekama.[69]

Yuuniversitiin Verjiniyaa kutaan seeraa, barattoota abukaatoo tahuuf barbaadaniif carraa kana keennuudhaan namoota himatamaniif bilisaan gorsa seeraa ni kennisiisa.

Mootummaan Federaalaa Ameerikaas ta'ee kan naannoo yeroo baay'ee abukaatoo ittisaa uummataan gargaaramaniin (publicly funded public defender office)waajjira abukaatoo kan dhuunfaa qabu. Gosti abukaatoo ittisaa kun bakka bu'aa mootummaa feederaalaa, naannoo, fi gandaa jedhamuun beekamu. Miindaa abukaatoo kan kaffalus mootummaa dha.[70]

Karaa biraatiin qaamni miti mootummaa kan bu'aadhaaf hin dhaabanne hojii abukaatummaa bilisaan kan hojjatan ni jiru (legal aid center or Defender service). Inni biraa karaan abukaatoon bilisaan itti dhaabamu manni murtii yeroo Abukaatoo muududha. Sirni kun kan raawwatu abukaatonni jiran motummaa faana waliigaltee mootummaa waliin seenuun dhimma tokko yeroo qabatani dha. Mootummaanis akka waliigaltee isaaniitti qarshii kaffalaaf malee kalattiidhaan himatamaan wanti kaffalu hin jiru.[71]

[68] .Miiljalee olii 6
[69].Isuma gubbaa
[70] .Isuma gubbaa
[71] . :Research on Guarantee of accused person`s right to defense counsel:A comparative of vietamese,German and America laws ,2001

3.2.1 CAASAA ABUKAATOO ITTISAA AMEERIKAA

Gurmaa'inni Abukaatoo ittisaa qaama mootummaa sadan keessaa seera raawwachiiftuu jalatti dha. Kana jechuunis itti gaafatamummaan abukaatoo ittisaa qaama raawwachiiftuufi jechuudha. Kunis, akka yeroo ammaa biyya keessatti caaseffamni abukaatoo ittisaa mana murtii jalatti miti jechhudha. Qaama raawwachiiftuu jalatti waan gurmaa'aniif qofa, dhimma isaan qabataniif qajeelfamni karaa mootummaatiin dhufu hin jiru. Bilisummaan isaaniis kan mirkanaa'e dha. Waajjirri addunyaa irratti beekamaafi fakkeenya tahuu dandahu wajjiira abukaatoo ittisaa'wiseensin' jedhamu biyya Ameerikaatti argamu dha. Ogeessi waajjira kana keessa jiru ogeessa seeraa ykn nama dhaddacha irratti dhaabatee falmu qofa osoo hin ta'in, humna namaa, expertii forensikii fi kan akka saayikoolojistiis ni dabalata. Hojjattootni humna namaa abukaatoo gargaaruu irratti gaheen isaan qaban daran olaanaa dha.[72]

3.2.2 RAKKOOWWAN GAMA ABUKAATOO ITTISAAN AMEERIKAA KEESSA JIRANII FI FURMAATA ISAANII

Rakkoo gama kanaan jiran keessaa inni hangafni dhimmootni abukaatoo ittisaatiin ilaalaman baay'achuu fi kaffaltiin abukaatoo ittisaaf kaffalamuu kan hojii isaa faana wal hin gitne ykn xiqqaa tahuu isaati. Akka qorannoon Ameerikaa keessatti gaggeeffame ibsutti waajjirri abukaatoo ittisaa dhimmoota baay'ee offitti fuudhuun ilaala; garuu kaffaltiin kaffalamuuf xiqqaa dha. Kun immoo dhiibbaa guddaa uumeera.Yoo abukaatoon tokko dhimma baay'ee qabatee hojiin itti baay'atee fi kaffaltiin isaaf kaffalamu xiqqaate miirri tajaajiltummaa isaa baay'ee gadi bu'a. Dhimma kanaan wal qabatee barreeefamni tokko yoo ibsu:*"Innocent people have been condemned to death inpart due to indequeate representation in cook country, Ivlinois(Chicago)although none of the overturne"deathpenalty"cases were actually represented by the cook country public Defender.*

Barreefama kana irraa wanti hubatamu sababa abukaatoon ittisaa ga'umsan bakka hin bu'iniif namoonni qulqulluun adabbii cimaaf saaxilmaniiru.

Rakkoolee armaan olitti caqasamaniif furmaata kennuuf Ameerikaan "Bar Association ,dhaabbata gorsa seeraa kennaniifii waldaaleen abukkaattoota ulaagaa (istaandaardii)

[72] . miiljalee olii 6

tumaniiru. Abukaatoon ittisaa tokko yeroo tajaajila abukaatummaa kennu naamusa ol'aanaan akka irraa eegamuufii dirqama heeraa irratti gatame hordofuu qaba; abbaa seeraa isa bakka buuse irraa bilisa ta'uu qaba; hojii Abukaatummaa hojjatu keessaas waggaatti dhimmoota 50-100 qofa qabachuu qaba. Kana yoo caale garuu abbaa dhimmaa isaayyuu wallaaluu danda'a. Akkasumas dhimma qabate sirriitti hubachuu hin danda'u. Abukaatoon ittisaa tokko jireenya dhuunfaa isaa keessatti eegumsi gama mootummaatiin ni taasifamaafi.[73] Fakkeenyaaf, abukaatoon ittisaa tokko sababa gahaa hin taaneen malee hojii irraa hin ari'mu. Kanaafuu muuxannoo biyya Ameerikaa irraa hubachuun akka danda'amutti mirgi himatamaa abukaatoo ittisaatiin deegaramuu kabachisuuf gad fageenyaan hojjachaa akka jiranii fi rakkoowwan gama kanaan jiran furuuf adeemsa deemuu qaban hundumaa deemaniiru.

Gama biyyaa fi Naannoo keenyaatti yoo dhufnu akka kan biyya Ameerikaa Abukaatoon ittisaa mootummaa tokko waggaatti dhimmoota meeqa keessummeessuu akka danda'u wanti taa'eef hin jiru, naamusa isaanii ilaalchisees haala hojii isaanii ilaalchisee koodii naamusaa hin qaban.

3.3 MUUXANNOO NAAYIJEERIYAA

Naayijeeriyaan biyyoota Afirikaa sirna federalaa hordoftuu fi biyyotaa mirga abukaatoo ittisaan deegaramu himatamaa haala gaariin hojii irraa olchan keessa tokko dha. Biyyi kun akkuma biyyoota biroo caasaa manneen murtii ishee kan dirirriffate yoo tahu nutis mirga himatamaa kabachisuu irratti muxannoo isaan qaban ilaalla. Yeroo himatamaan tokko yakka cimaatiin himatamuu fi abukaatoo dhuunfaan falmachuu yoo dadhabe Abbaan Seeraa dhaddacha sana gaggeessu eeyyama (fedhii) himatamaa osoo hin gaafatin abukaatoon ittisaa mootummaa bilisaan akka dhaabatuuf ni godha.[74]Himatamaan tokko gargaarsa seeraa argachuuf akka tajaajilli gorsaa bilisaan kennamuufiif iyyachuu ni danda`a.

Biyya Naayijeeriyaatti himatamaan himatni irratti dhihaate ofii isaatiin yookiin ogeeessa seeraatiin of irraa ittisuu akka danda'u akka qajeeltoo bu`uraatti kaa'ameera.

[73].Miiljalee olii 64, fuula 37.
[74] .Aremu Taiwo Oluwaseyi:The Right of an accused person Under Nigerian Legal system;research paper ;2006 fuula 12

Adeemsa yakkaa keessatti himatamaan tokko yoo abukaatoo ittisaa gahumsa qabuun bakka hin bu`amu ta`e adeemsi dhagahaa guutuun isaa gatii dhaba. Haa ta`u malee, manni murtii Abukaatoo ittisaa mootummaa ogummaa fi gahumsa qabu yoo dhaabeefii guutummaan adeemsa falmii sanaa fudhatama kan qabu ta`a.

Seerri deemsa falmii yakkaa biyya Naayijeeriyaa kewt.352 jalatti himatamaan tokko yakka cimaan yoo himatame, raawwatamuu kan danda'u yoo ta'e, mootummaan abukaatoo ittisaa, yookiin ogeessa seeraan, fi yoo himatamaan ogeessa seeraan bakka hin bu'amne ta'e manni murtii gorsaan seeraa akka dhaabatuuf ni godha jechuun tumeera. Dabalataaniis seeruma armaan olii kana irratti manni murtii tajaajila gorsa seeraa bilisaan akka himatamaan argatuuf ni ajaja jechuun kaa`ameera.[75] Keewwatni seeraa kun jecha 'shall' jedhu of keessaa waan qabuuf dirqisiisaa dha.

Akkasumas himatamaan tokko himata irratti dhihaate sirriitti hubachuusaa fi falmii madaalawaa gaggeessuun isaa mirkanaa`uu qaba jechuun tumeera. Keewwata kana irraa akka hubatamutti ulaagaaleen lama kaa'amanii jiru. Isaanis falmii madaalawaa ta'e gaggeessuu fi dhaddacha irratti fedhii himatamaa eeguu dha.Ulaagaawwan kanneen keessaa tokkoon isaa yoo guutamuu baate adeemsi dhagahaa guutummaan isaa gatii dhaba.[76]

Himatamtoota buufata poolisiitti guca filannoo ittiin bakka bu`aamuu barbaadan ni kennamaaf, innis ogeessa seeraa, Abukaatoo Ittisaa mootummaa, tajaajilaa gorsaa bilisaa kennuu fi dhaabbata miti mootummaa dhimma kanaaf dhaabbatan keessaa filaachuun fedhii isaanii beeksisuu.[77]

Himatamtoonni tokko tokko sababa hanqina maallaqaatiin tajaajila gorsa seeraa hin argatani. Himatamtoota hiyyeeyyii gargaaruuf dhaabbilee tajaajila gorsaa bilisaan kennuuf dhaabbatan keessaa tokko kan labsii tajaajila gorsa bilisaa lakk.56/1976 seera Federaalaa Naayijeeriyaatiin Ministeera Haqaa Federaalaa jalatti kan hundeeffame dha. Haa ta`u malee,

[75] .kwt.149, seera deemsa falmii yakkaa Naajeriyaa
[76] .Miiljalee olii 57 ,fuula 68
[77] .Comfort Chinyere Ani; Reforms in the Nigerian criminal procedure law

yeroo ammaa seerri itti hojjatamaa jiru 'legal aid chapter L9 vol.8 LFN 2004 dha. Tajaajilli gorsa bilisaa kun dhaabbata seeraan hundeeffamee fi dirqama qabu dha.[78]

Dhimmoota hariiroo hawaasaa fi yakkaa hunda irratti himatamtoota hiyyeeyyii galiin waggaa isaanii qarshii Naayijeeriyaa 60,000.00 fi warra hin qacaramneef immoo Qarshii Naayijeeriyaa 6,000.00 ol ta`eef abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenye hundaaf tajaajilli gorsaa bilisaan ni kennama.[79]

Tajaajilli gorsaa bilisaan kennamu maal maal of keessatti qabata kan jedhuuf hiikaan waalta`aa ta`e hin jiru.Ta`us:-

A/ Dhagaha dhimmaa duraa fi guutuu irratti gargaarsa seeraa himatamtoota abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenyeef akka kennan ni taasifamu;

B/Dhaddacha kamirrattuu ni dhaabatuuf; fi

C/ Dhimma hariiroo hawaasaa irrattis akkasuma tajaajila goorsaa ni kennu.

Dhumarrattis, kewwanni dirqisisoo kan tajaajila gorsaa bilisaa akka kaa`utti himatamtoota hunda yakkaan himatamaniif yoo barbaadu baatan malee carraa bakka bu`amuu akka kennamuuf ni kaa`a.[80]

3.4 GARAAGARUMMAA MIRGA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU NAANNOO OROMIYAA FI BIYYOOTA BIROO GIDDUU JIRU

Kutaa olii keessatti mirga himatamaa Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu ilaalchisee muuxannoon biyyoota biraa maal akka fakkaatu akka fakkeenyaatti kan Ameerikaa fi Naayijeeriyaa fudhachuudhaan ilaallee jirra. Muuxannoo biyyoota kanaa waliin wal bira qabuudhaan walitti dhufeenyaa fi tokkummaan muuxannoo biyya keenya waliin qaban maal akka fakkaatu ni ilaalla. Muuxannoon Ameerikaa mirga kana kabachiisuu irratti kan adda dureen ka'uu fi hunda caalaas kan rogummaa qabu dha jechuun ni danda`ama. Haa ta`uutii,

[78].Miiljalee olii 57, fuula 69
[79] .Isuma gubbaa, fuula 69
[80] .Isuma gubbaa 72

mirga kana kabachiisuu irratti biyyootni Afrikaa maalirra akka jiran agarsiisuuf muxannoon biyya Naayijeeriyaa akka dabalataatti waan ilaalleef kan biyyoota lamaanii fi kan naannoo keenyaa wal bira qabnee ilaalleerra.

Heerri mootummaa naannoo Oromiyaa fi Ameerikaa ulaagaalee wal fakkaataa mirgi kun hojiirra ittiin ooluu qaban kaa'aniiru. Ulaagaaleen kunis:- tokkoffaa himatamaan abukaatoo mootummaa irraa argachuuf hiyyeessa ta`u qaba; lammaffaarratti immoo mootummaan abukaatoo himatamaaf yoo dhaabuu fi baate haqni ni daba jedhamee yoo tilmaamame dha.[81]

Akkaataa Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatti gargaarsi seeraa kan kennamu sadarkaa himannaa qofaarratti dha. Haa ta`u malee, Ameerikaatti immoo yeroo dhihoodhaa asitti gargaarsi seeraa kennamu calqabamuu kan qabu himannaan erga irratti dhiyaatee otoo hin taane sadarkaa shakkii irrattii fi murtiin erga kennamees himatamaan ol`iyyannoo kan gaafatu yoo ta'e Abukaatoo ittisaatiin deeggaramuu akka qabutu mul'ata.[82]

Karaa biraatiin akka heera Ameerikaatti yoo himatamaan abukaatoo mootummaadhaan bakka bu`amuu hin barbaadu jedhe manni murtii abukaatoo ittisaa dhaabuuf hin dirqamu.[83] Garuu Heera Naannoo Oromiyaa keessatti wanti kun hin hammatamne. Biyyaa Ameerikaa keessatti caasefamni abukaatoo ittisaa qaama mootummaa jalatti ta`ee Waajjira Abukaatoo Ittisaa of danda`e qabu. Bilisummaan abukaatoo ittisaas kan mirkanaa`eedha.[84] Kan naannoo keenyaa yoo ilaalle garuu, caaseffamni abukaatoo ittisaa manneen murtii Godinaa keessatti argaman malee akka waajjiraatti of danda`ee hin jiru. Akkasumas koodii naamusa abbaa seerummaatti bulu malee addatti kan ofiisaanii hin qabani.

Biyya Ameerikaa keessatti rakkina xiqqaachuu abukaatoo ittisaa furuuf barattoota yuunivarsiitii ogummaa abukaatummaa barbaadaniif carraa keennuudhaan namoota himatamaniif bilisaan gorsi seeraa akka kennamuuf ni godhama. Naannoo keenyatti tooftaa kana faayyadamuun yeroo ammaa akka fakkeenyaatti kan caqasamuu danda'u Yuunivarsiitii Jimmaa dha. Yuunivarisiitii kana keessatti barattoota seeraa waggaa sadaffaa fi isaa ol ta'an

[81] Isuma gubbaa ,fuula 70
[82] .Miiljalee olii 6
[83] .Isuma gubbaa
[84] .Isuma gubbaa

gumii tajaajila gorsa seeraa bilisaan kennuu keessatti hammatamuun barsiisota waliin ta`uun namoota humna Abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu hin dandeenyeef gorsa seeraa bilisaan ni kennisiisa. [85]

Karaa biraatiin miidiyaaleen biyya Ameerikaa keessatti argaman baasii mootummaatiin Abukaatoon namoota dandeettii abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu hin qabneef dhaabachuu akka danda`u sagantaa ittiin odeefannoo tamsaasan ni qabu.[86] Naannoo keenya keessatti garuu miidiyaaleen sagantaa irratti odeeffannoo akkasii tamsaasan hin qabani. Kanaafuu mirgi kun himatamaaf kan ibsamu dhaddacha irratti qofaa dha.

Heerri Naayijeeriyaa himatamaan ogeessa seeraa inni filateen bakka bu`amuun falmachuu akka danda`u ni kaa`a. Garuu, himatamaa baasii isaatiin abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef baasii mootummaatiin mirga abukaatoo ittisaa argachuu fi dhiisuu isaa wanti kaa`e hin jiru. Karaa biraatiin himatamtoota hiyyeeyyii gargaaruuf dhaabbatni tajaajila gorsaa bilisaan keennan labsii lakk.56/1976'tiin hundaa'anii jiru. Dhaabbileen kun himatamtoota ofii isaaniif abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef tajaajila gorsaa bilisaan kan kennan yoo ta'u dhaddacha irrattis himatamaa bakka bu'uun ni falmu.

Gara muuxannoo naannoo keenyaatti yoo deebinu dhaabbatni gargaarsa seeraa akka kennuuf akka waajjiraatti yookiin akka qaama seerummaa qabu kamiittiyyuu dhaabateeru hin jiru. Haa ta'uutii, abukaatoon ittisaa mootummaa waamamni isaanii mana murtiif ta'ee godinaalee irratti hojjachaa akka jiran ni beekama.

[85] .Tasfaayee Nuwaay, Amantaa Uummatni Sirna Haqaa Yakkaa irratti Qabu,
[86] .miiljalee olii 17, fuula 381.

BOQONNAA AFUR

RAAWWII MIRGA HIMATAMAA ABUKAATOO ITTISAAN DEEGGARAMUU: HAALA QABATAMAA NAANNOO OROMIYAA

4.1 SEENSA

Boqonnaa sadaffaa jalatti yaada waliigalaa waa`ee Abukaatoo Ittisaa fi muuxannoon biyyoota biroo maal akka ta`e gadi fageenyaan ilaalleerra. Haala qabatamaa Naannoo Oromiyaatti raawwii mirga himatamaa Abukaatoo Ittisaatiin deeggaruun sadarkaa maalirra akka jiru immoo boqonnaa kana jalatti kan sakatta'amu ta`a. Boqonnaan kun mata dureewwan xixxiqqoo adda addaatti kan qoodame dha. Isaanis:- Ulaagaalee Abukaatoon Ittisaa ittiin dhaabbatu; Raawwii mirga Abukaatoo Ittisaan deeggaramuu fi hanqinoota mul'atanii fi Gahuumsa Abukaatoo Ittisaa fa'a kan of keessatti hammate dha.

4.2 ULAAGAALEE ABUKAATOON ITTISAA ITTIIN DHAABBATU

Dhagaha dhimma yakkaa keessatti garaagarummaan guddaan Abbaa Alangaa fi himatamaa gidduu jira. Himatamaan yeroo baay'ee hubannoo seeraa fi muuxannoo kan hin qabne dha. Kanarraan kan ka'e mirgaa fi dirqamni isaa maal akka ta'e, sadarkaa kam irratti itti fayyadamuu akka qabu, ragaa haala kamiin akka itti fayyadamuu, fi gaaffii akkamii gaafachuu akka qabu hin beeku. Abbaan Alangaa immoo qaama seeraan muuxannoo fi ogummaa ol'aanaa gonfatee fi humna kan qabu dha. Humna faayinaansii Abbaa Alangaa fi kan himatamaa wal bira qabnee yeroo ilaallu garaagarummaa kana hin jedhamnetu jira.

Dhagahaa fi adeemsa dhagaha dhimma yakkaa keessatti yaad-rimeen 'dhagaha haqa qabeessa' jedhu garaagarummaa Abbaa Alangaa fi himatamaa jidduu jiru dhiphisuuf kan yaadame dha. Wal falmitoota keessaa himatamaan dhagaha dhimmaa irratti mirga adda addaa qaba. Mirgi kunis mirga falmii madaalawaa /the right to fair trial/ jedhamuun beekama.

Wantoota adeemsa falmii yakkaa madaalawaa taasisan keessaa mirgi Abukaatoo Ittisaan deeggaramuu isa tokko dha. Bu`uura seerummaa (legal authority) abukaatoo ittisaa mootummaa argachuu yeroo ilaallu waliigalteewwanii fi konveenshinoota addunyaa mirga

kanaaf bakka guddaa kennan ni arganna.[87]Mirgi kun Heera Mootummaa Rippaablika Dimookiraatawaa Federaalawaaa Itiyoophiyaa fi Heera Mootummaa Oromiyaa keessattis tarreeffamee jira.

Heerotnii fi waliigalteewwan kun ulaagaawwan mirgi kun ittiin hojiirra ooluu qaban kaa`aniiru. Isaanis:- tokkoffaan himatamaan ofiisaatiin abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu yoo hin dandeenye ta'e; lammaffaan immoo haqni ni daba jedhamee yoo yaadame dha. Gaaffileen ulaagaawwan kana irratti ka`an haqni ni daba kan jedhamu maaltu yoo hir'ateedha? kan jedhuu fi himatamaan hiyyeessa ta`uun isaa maaIiin mirkanaa'a? kan jedhan deebii argachuu qabu.

Akkaataa marii koreen heera wixineesse taasiseen (hatata za mikiniyaat) akka hubatamuttii haqni haalotni armaan gadii yoo jiraatan hira`chuu danda`a. Isaanis:-

1. Namoota barnoota dhaban sirriitti of irraa ittisuu kan hin dandeenye;
2. Rakkoo bilchinaa yookiin guddina sammuu (mentally retarded) yoo ta`e;
3. Dhaddacharratti sababa sodaan dubbachuu yoo hin dandeenye;
4. Dubartootaa fi dargaggoota; fi
5. Daa`imman gaa`elaaf hin geenye yoo ta`an akka ta'e ibseera.[88]

Kunis hir'inni haqaa ilaalamuu kan qabu haalaa fi amala himatamaarrattii hundaa`uun akka ta'e ni agarsiisa. Jechuunis, himatamaan barumsa hin qabu yoo ta'e yookiin rakkoo bilchina sammuu qaba yoo ta'e yookiin dubbachuu irratti rakkina kan qabu yoo ta'e yookiin umrii irratti hundaa'uun qixa barbaachisaa ta'een falmee murtii haqaa kennuun hin danda'amu yookiin ni ulfaata jedhamee yoo tilmaamame himatamtoota kanneeniif abukaatoon ittisaa dhaabbachuu qaba jechuudha.

Gama Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaatti yoo dhufnu, keewwata 20(5) jalatti Abukaatoo Ittisaa dhaabuuf ulaagaan kaa'ame "*abukaatoo seeraa filataniin bakka bu'amuu, yookiin Abukaatoo ofii dhaabbachuuf dandeettii dhabuun haalli haqni itti dabuu danda'u*

[87] .kwt14(3)(d) International Covenant On Civil and Political Rights:adopted By General Assembly Resolution 2200A(xxi) of December 1966.the covenant entered into force on 23,march 1976.
[88]. Abduljabbaar Husseen fi Ahmad Jamaal, Moojulii Raawwatamummaa mirgoota fi bilisummaawwan bu'uuraa,ILQSo, Fuula 31

ennaa mul'atu…." jechuun kan tume yoo ta'u; labsiin 141/2000, Manneen Murtii Oromiyaa irra deebi'ee hundeessuuf bahe, gaaffii haqni yoo maal ta'e jallata? jedhuuf deebii kennuu yaaleera. Akka labsii kanaatti himatamaan yakka waggaa shanii fi isaa ol adabsiisuu danda'uun yoo himatame haqni dabuu danda'a jechuun kaa'eera. Hiikni labsiin kun kaa'ee fi "hateta zemikiniyat" kaa'e gidduu garaagarummaan ni mul'ata. Hiikni "hateta zemikiniyat" irratti kenname haqni dabuu danda'a jedhamee kan yaadamu haala himatamaa irratti hundaa'uun yoo ta'u akka labsii lakk. 141/2000'tti immoo haqni dabuu danda'a kan jedhamu hanga yakki sun adabsiisuu danda'urratti kan hundaa'u dha.

As irratti gaaffiin ka'uu danda'u Caffeen aangoo Heera Mootummaa hiikuu qabamoo hin qabu kan jedhu dha. Haa ta'u malee, akka Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kewt. 67(1)'tti aangoon heera hiikuu kan kenname Koomishinii Heera hiiktuudhaaf malee Caffeef miti.[89] Gama biraatiin labsiin lakk.141/2000 Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa waliin kan wal simu hin fakkaatu. Sababni isaas himatamaan waggaa shanii gadi kan adabamu yoo ta'ellee namni rakkina sammuu qabu qofaasaa haa falmatu yoo jedhame guutummaatti haqni dabeera jechuun ni danda'ama. Labsiin immoo himatamaan rakkina sammuu yoo qabaate yookiin wallaalaa yoo ta'e yakkichi waggaa shanii gadi kan adabsiisu yoo ta'e, mootummaan Abukaatoo Ittisaa hin dhaabuuf jechaa jira.

Qabatamaanis Abbootii Seeraa fi Abukaatoo Ittisaa godinaalee qorannoon kun adeemsiifame keessaatti argamaniif gaaffii haqni yoo maal ta`e jallata jedhuuf yoo deebisan haqni ni daba jedhamee kan yaadamu yoo himatamaan haala deemsa falmii wallaaluun sirriitti falmachuu hin dandeenye, beekumsa seeraa dhabuuun himata irratti dhiyaate of irraa ittisuu yoo dadhaban, sodaa irraa kan ka`ee yoo yaada isaanii sirriitti ibsachuu hin dandeenyee fi ragaa dhiyeeffachuu irratti yoo hanqinni jiraatee dha jechuun dubbatu. Dabalataanis akka jedhanitti himatamaan yeroo gaaffii gaafachuu qabu gaaffii kaasuu dhiisuun, murtii irratti adabbiin akka salphatuuf yaada adabbii salphisu kaasuu yoo dadhabee fi afaan dhaddachaa wallaaluun sirriitti yoo hin falmine haqni jallateera jechuu dandeenya jedhu. Karaa biraatiinis, akka yaada namoota af-gaaffiin tasifameef kanaatti, himatni himatamaa irratti dhiyaate ulaagaa

[89] Bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Keewt. 69(1) tiin gumiin calaltuu dhimmoota heeraa naannichaa aangoo dhimmoota heerichaa falmisiisaa ta'an calaluu qaba. Calalliin isaa keessatti heera naannichaa hiikuun barbaachisaa ta'ee yoo arge dhimmicha irratti yaada murtii qopheessee Komiishinii Hiikaa Heeraa Naannichaatiif ni dhiyeessa. Komishinichis yaada kanarratti hundaa'uun murtii laata.

seeraa yoo kan hin guutne ta'ee fi himatamaanis mormuu yoo baate haqni ni daba jedhamee ni yaadama jechuun deebisaniiru.

Abbootiin Seeraa muraasa ta'an immoo gaaffii haqni yoo maal ta'e daba jedhuuf falmiin haqa dabsiisu kan jiraatu yakkoota ciccimoo waggaa shanii fi isaa ol adabsiisan keessatti malee yakkoota sasalphoo irratti kan yaadamu miti jedhu.[90]

Akka qorattoota qorannoo kanaatti haqni dabuu kan danda`u yoo himatamaan hubannoo seeraa fi muuxannoo hin qabne dhaddacha irratti dhiyaate dha. Kana irraa kan ka`e mirgaa fi dirqamni isaa maal akka ta`e, sadarkaa kam irratti fayyadamuu akka qabu, ragaa dhimma isaa waliin rogummaa qabuu fi kkf beekee itti fayyadamuu hin danda`u. Abbaan Alangaa immoo qaama seeraan muuxannoo fi ogummaa ol`aanaa gonfatee fi humna qabu dha. Kanaafuu falmii himatamaa fi Abbaa Alangaa gidduu jiru irratti garaa garummaa guddaatu mul'ata. Kanaaf himatamaan nama gorsa seeraa kennuuf malee qofaa isaa yoo falmate haqni dabuu danda'a. Himatamaan falmii isaa akkaataa seeraatiin osoo hin gaggeessiin hafe guyyaa tokkoof illee yoo adabame haqni dabeera ni jechisiisa. Hir`inni haqaa ilaalamuu kan qabu haalaa fi amala himatamaa irratti kan hundaa`uun maleee ulfinaa fi salphina yakkicha ittiin himatame irratti kan hundaa`u miti. Hiikni "*hateta ze mikiniyaat*" irraa hubatamus kanuma mul'isa.

Gaaffiin ulaagaa lammaffaa irratti ka`u inni duraa manneen murtii Oromiyaa himatamaan dandeettii Abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu hin qabu jechuuf sadarkaan dinagdee himatamaa hangam ta'uu qaba kan jedhu dha. Gaaffii kana ilaalchisee seerri sadarkaa Federaalaattis ta'e sadarkaa naannootti deebii kennuu danda'u hin jiru. Dabalataanis Manneen Murtii Oromiyaa keessatti argaman himatamaan humna Abukaatoo dhuunfaa ittiin dhaabbatu qabaachuu fi dhiisuusaa akkamittiin mirkaneessaa jiru kan jedhu immoo akka armaan gadiitti ni ilaalla.

Abbaa seeraa fi Abukaatoon ittisaa baay'inaan gaaffii kana yoo deebisan himatamaan hiyyeessa ta'uusaa seerri ittiin mirkanaa'u hin jiru.[91]Haala himatamaa ilaaluun qofa hiyyeessa

[90] . Af-gaaffii Obbo Sisaay Mul'ataa, Abbaa Seeraa M/M/A/Shaashamannee fi Obbo Fiqiruu Guutamaa Abbaa Seeraa M/M/Go/Shawaa Lixaa

[91] . Af-gaaffii, Hordofaa Toleeraa, A/Seeraa A/Gutoo Giddaa, guyyaa 25/01/05 fi Tasfaayee Addisuu, Abukaatoo Ittissaa G/A/N/F, 03/01/05

ta'uunsaa ni mirkanaa'a. Yeroo tokko tokko garuu yoo Abbaa Alangaan mormii kaasu ganda himatamaan jiraaturraa akka qulqullaa'u ni taasifama.[92]

Haa ta'u malee himatamaan dandeettii Abukaatoo dhaabbachuu qabaachuu fi dhiisuusaa karaa ittiin mirkanaa'u ulaagaa waaltawaan (objective standard) bakka hin jirrettii fi seerri gandi aangoo hiyyummaa mirkaneessuu qabaachuusaa ibsu bakka hin jirretti haala himatamaa fi waraqaa ganda irraa barraa'ee dhufu akka ragaatti fudhachuun himatamaan hiyyeessa yookaan dandeettii kanfaluu qaba jechuun haqa qabeessummaa adeemsichaa gaaffii keessa kan galchu dha.

4.3 RAAWWII MIRGA ABUKAATOO ITTISAAN DEEGGARAMUU HIMATAMAA

Mirgootni tumaalee Heera Mootummaa Federaalawaa Dimookiraatawaa Rippaabilika Itiyoophiyaa keessatti himatamaa ilaalchisee jiran hojiirra ooluu kan qaban kaayyoo tumaalee kanaa haala guutuu danda'uuni dha. Karaa biraatiin sirna bulchiinsa haqaa keessatti mirga heerawaa namoota kanaa kabajanii kabachiisuuf qaamni Abbaa Seerummaa dirqama akka qaban heera mootummaa Federaalaa kewt.13(1) jalatti ifaan tumameera.[93] Mirga namoomaa heera mootummaatiin tumaman kabajuun dirqama yoo ta'u, Abukaatoo ittisaatiin bakka bu'amuun immoo mirga heerawaa himatamaaf mirkanaa'e isa guddaa ta'uun isaa ni hubatama. Mirgi heerawaa himatamaa otoo hin kabajamiin murtiin kennamu dogongora bu'uura seeraa qabaachuu danda'a. Kanaaf mirgi kun akka laayyootti kan bira darbamu miti.

Mirgi Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu himatamaa yeroo ammaa qabatamaan naannoo Oromiyattii maal fakkaata isa jedhu ilaaluuf deebii Abbootii Seeraa, Abukaatota Ittisaa, Abbootii Alangaa, fi himatamtoota irraa bar-gaaffii qopheessuun daataan funaanamee jira. Tooftaan kunis mirgi kun akkamitti hojiirra oolaa jira isa jedhuuf deebii nuuf ta`a. Akkasumas, qaawwa gaaffii barreeffamaa guutuuf jecha af-gaaffiin gaggeeffameera. Xiinxalli keenyas kallattii kanaan bar-gaaffii fi af-gaaffii wal bira qabuun akka armaan gadiitti kan itti fufu ta`a.

[92] .Af- gaaffii, Kadiir Waayyuu, A/Seeraa G/A/lixaa, Guyyaa 30/13/2004
[93] .miiljalee olii 8,fuula 39

4.3.1Mana Murtii Aanaa Keessatti Dhabamuu Abukaatoo Ittisaa

Mirgoota Heera Mootummaa Federaalaa fi Naannoo Oromiyaatiin himatamaaf kennaman keessaa inni tokko mirga Abukaatoo Ittisaa mootummaa argachuu dha. Mirgi abukaatoo mootummaa argachuu jedhu kun walii galteewwan mirga namoomaa irrattis akka mirgaatti taa'ee jira.

Heerotnii fi waliigalteewwan kuni ulaagaawwan ittiin mirgi kun hojiirra oolu kaa`aniiru. Isaan keessaa tokko labsii lakk.141/2000 manneen murtii Oromiyaa irra deebi`anii hundeessuuf bahe kwt.17 jalatti nama abukaatoo ittisaa dhaabbachuu hin dandeenyeefi yakka hidhaa cimaa waggaa 5 fi ol adabsiisuun yoo himatame manni murtii abukaatoo himatamaaf dhaabuuf dirqama qaba. Labsii olitti caqafame kwt 27(2) jalatti dhimmoota yakkaa ka`umsi adabbii isaanii waggaa 10(kudhan) ol ta`e irratti manni murtii Ol`aanaa aangoo abbaa seerummaa sadarkaa jalqabaa akka qabu tumameera. Keewwata seeraa kana irraa akka hubannutti Manni Murtii Aanaa dhimmoota yakkaa ka'umsi adabbii isaanii waggaa kudhanii (10) gadi ta'e hunda irratti aangoo abbaa seerummaa qabu. Akkasumas namni kamiyyuu yakki ittiin himatame waggaa shanii (5) fi isaa ol yoo ta'e mirga Abukaatoo Ittisaa argachuu qaba. Kanaaf, kewwattootni seeraa lamaan kun Abukaatoon Ittisaa Mana Murtii Ol'aannaatiif qofa osoo hin ta'in yakkoota Mana Murtii Aanaatti ilaalamaniifis akka barbaachisu ni agarsisu. Akkaataa labsii lakk.141/2000 tiin miirga Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu eeguudhaaf caasaan Mana Murtii Aanaatti diriirfamee hin jiru. Kana jechuunis Manneen murtii Aanaa yakka waggaa 10 gadi adabsiisan irratti aangoo akka qaban beekamaa dha. Abukaatoon Ittisaa immoo sadarkaa Mana Murtii Aanaatti diriirfamee hin jiru. Hanga ammaatti caasaan Abukaatoo Ittisaa kan hojjetaa jiru sadarkaa Mana Murtii Ol'aanaa fi Mana Murtii Waliigalaatti qofaa dha. Yakki waggaa shanii ol adabsiisuu danda'u Mana Murtii Aanaatti osoo ilaalamaa jiruu jiraachuu dhabuun Abukaatoo ittisaa himatamtoota yakka waggaa shanii fi kudhan gidduu adabsiisuu danda'uun himatamanii baasii mataasaaniitiin Abukaatoo dhaabbachuu hin dandeenyeef miidhaa gudddaa ta'ee jira.

Dhimmoota Manneen Murtii Aanaa irratti yeroo baay'ee ilaalaman maal fa'i kan jedhu immoo akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Manneen Murtii Aanaalee keessatti akka hubatamutti dhimmoonni akka gudeeddii, reebichaa, mancaatii bosonaa, hanna, gowwoomsuu, miidhaa qaamaa fi arrabsoon dhimmoota yeroo baay'ee deddeebi'anii dhufani dha. Yakkoota kanneen keessaa yakkoota ciccimoo kan akka dirqisiisanii gudeeduu fi mancaatii bosonaa hanga waggaa 25'tti kan adabsiisan osoo jiranii himatamtootni abukaatoo malee falmaa jiru.

Dhimma M/M/A/Ambootti ilaalamee murtii argateen (lakk. Galmee 25007) himanni dhiyaate yakki gudeeddii miidhamtuu dhuunfaa irratti raawwatameera kan jedhu dha. Ragaan Abbaa Alangaas dhagahamanii shakkii sababaawaa oliitiin irratti mirkaneessaniiru. Himatamaan ragaa ittisaa dhiheeffachuu waan hin dandeenyeef mirgi ragaa ittisaa dhiheeffachuu isaa bira darbamee murtiin balleessummaa kennamee hiidhaa waggaa kudha shaniin adabameera.[94] Himatamaan kun umriin isaa waggaa 18 ta'uu caalayyuu qotee bulaa fi hubannoo seeraa nama hin qabneedha. Namni kuni ammo Abbaa Alangaa ogummaa seeraa qabu waliin falmee murtiin laatame kun haqa qabeessa jechuuf kan ulfaatudha.

Dhimmuma mana murtii kanatti lakk.galmee 29214'tiin ilaalamee murtii argate yeroo ilaallus himatamaan yakka gosa lamaan kan himatame yommuu ta'u inni duraa kewt. 620(2)(A)fi (D) bira darbuun yakka gudeeddii raawwachuu yommu ta'u inni lammaffaan immoo kewt. 556(2) (A) fi (E) bira darbuun miidhaa qaamaa geessisuun yakki raawwatameera jechuun himata dhiyaate dha. Ragootni Abbaa Alangaas akkaataa himata dhiyaateen mirkaneessaniiru. Himatamaanis ragaa ittisaa akka dhiyeeffatu ajajamee ragaa ittisaa hin qabu waan jedheef mirgi ragaa ittisaa dhiyeeffachuu isaa bira darbameera. Murtiin balleessummaas akkaatuma himata dhiyaateen kennameera. Himatamaan yaada adabbii salphisu osoo hin kaafatin waan hafeef hidhaa cimaa waggaa kudha tokkoon adabameera.[95] Kunis sababuma armaan olitti eerameen Abukaatoo Ittisaa fi gorsa seeraa tokko malee murtii laatameedha waan ta'eef, adabbiin laatame sirrii haa ta'us haa dhiisus adeemsichi haqummaa qaba jechuuf nama rakkisa. Dabalataanis "hateta zemikiniyaat" irratti haqni ni daba kan jedhamu himatamaan kan hin baranne yoo ta'ee fi umriin isaas tilmaama keessa hin galle yoo ta'eedha.

Dhimmootni lamaan armaan olii akka agarsiisanitti himatamtootni kun mirga abukaatoo ittisaan deeggaramuu fi mariisisuu osoo hin argatiin murtiin kennamee jira.

[94] .Dhimma A/A fi Fayyisaa Jabeessaa, M/M/A/Amboo, lakk.gal.25007
[95] .Dhimma A/A fi Siisay Dajanee, M/M/A/Amboo, lakk.Gal.29214

Dhimmuma harkaa qabnu kana irraa akka mul`atutti mirgoonni bu`uuraa himatamaa otoo itti hin himamin waan hafeefi akkasumas hanqina hubannoo himatamtootaa irraa kan ka`e yaada adabbii salphisu illee osoo hin kaafatiin itti murta`eera. Akkasumas bu`uura labsii lakk.141/2000 yakka cimaa waggaa shanii ol adabsiisuun namni himatame mirga abukaatoo ittisaa argachuu akka qabu ni kaa`a. Haata`u malee himatamtootni kun mirga heerri isaan gonfachiisetti osoo fayyadamoo hin t a`iin murtiin balleessummaa itti kennameera.Yakka gudeeddiitiin murtiin balleessummaa itti kennamus osoo Abukaatoo Ittisaan deeggaramaniiru ta`e hangi adabbii irratti murtaa`u hir'achuu akka danda`u tilmamuun ni danda`ama. Mana murtii aanaa keessatti mirgi abukaatoo ittisaan deeggaramuu himatamaa hojii irra oolaa hin jiru. Kana irraan kan ka'es haqni dabaa jira jechuun ni danda'ama. Dhuma irrattis himatamtoonni sababa abukaatoo ittisaa dhabuurraan kan ka'e haqni waan dabuuf amantaan isaan sirna haqaa irraa qaban gadi aanaa ta'eera. Kanaafuu gama mirga abukaatoo ittisaan deeggaramuu himatamaa kabachiisuutiin hojii guddaan hojjatamuu qaba.

4.3.2 HANQINOOTA GAMA ABUKAATOO ITTISAA MUL`ATAN

Abukaatoon Ittisaa akkuma Abbaa Alangaa qondaala Mana Murtiiti.[96] Hojiin Abukaatummaas naamusa, haamilee fi kaka`umsa guddaa kanbarbaadu dha. Hojii abukaatummaa fi dirqama ogummaa isaan irraa eegamu galmaan akka hin geenyeef rakkoon gama Abukaatoo Ittisaafi qaamolee birootiin jiranis akka armaan gadiitti haa ilaallu.

Haala qabatamaa mana murtii keessa jiru yeroo ilaallu hanqinni hubannoo gama abukaatoo ittisaatiin darbee darbee ni mul'ata. Kunis Abukaatoon ittisaa himatamaan tokko yakka raawwachuu isaa osoo beekuu himatamaa bilisa baasuuf ni carraaqa. Abukaatoon Ittisaa himatamaaf waan dhaabateef qofa yakkamaan yakka raawwachuu isaa osoo beekuu bilisa akka bahu gochuun ol`aantummaan seeraa akka hin mirkanoofne ni taasisa. Akkasumas haqa baasuuf akkaataa seeraatiin falmii gaggeessuu dhabuunis rakkina dhimma kanaan wal qabatee ka`u dha.

Gama biraatiin immoo Abukaatonni Ittisaa gahee hojii beekuu fi kan beekan immoo hojiitti hiikuurratti hanqina beekumsaa akka qaban hojimaatarratti ni mul'ata. Kanneen keessaa akka fakkeenyaatti yoo kaafnee ilaalle mana sirreessaatti yookiin bakka himatamtootni

[96] .miiljalee olii 2 , fuula 375

to`annoo jala jiranitti gorsi himatamtootaaf kennamu hin jiru. Dabalataanis, dhimma himatamaaf dhaddacha irratti qofa falmuurraan kan hafe poolisii fi Abbaa Alangaa waliin haqa barbaaduu irratti hojiin hojjatamaa hin jiru.[97] Dhimmi tokko Abukaatoo Ittisaatti kan kennamu dhaddachi osoo hin eegalin yeroo gabaabaan dura waan ta'eef dhimma sana gadi fageenyaan osoo hin hubatin falmiitti seena. Kun immoo, akka amantaa barreessitoota kanaatti, Abukaatoon Ittisaa ijoo barbaaachisaa ta'e irratti ragoota ittisaa osoo hin qopheessin akka hafu waan taasisuuf kayyoon himatamaa Abukaatoo ittisaatiin deeggaruu galmaan akka hin geenye ni taasisa.

Hanqinni gama hubannootiin jiru akkuma jirutti ta'ee Abukaatoo Ittisaa tokko tokkorratti kaka'umsa hojiif qaban, ofitti amanamummaa fi xiyyeeffannaa gahaa kennuu fa'arratti dadhabinni ni mul'ata. Dabalataanis maamila/himatamaa/ isaaniif yeroo bal'aa kennuu dhabuurraan kan ka'e waa'ee dhimma irratti falmaniif sirriitti beekuu dhabuunis ni mul'ata. Akka fakkeenyaatti dhimma M/M/Ol/Go/Ad/Or/Naannawa Finfinnee lakk.Galmee 07688 ta'erratti, yeroo bal'aa kennuu dhabuurraan kan ka'e himatamaan adabbii madaalawaa hin taaneen akka adabamu godheera. Dhimma kana irratti akkuma himatamaan mana murtiitti dhiyaateen Abukaatoo Ittisaa isaa waliin utuu yeroo gahaa argatanii hin mari'atin waan hafaniif ragaa ittisaa roga qabu akka hin dhiyeeffanne ta'eera. Kunis utuu abukaatoo isaa waliin qixa barbaachisuun mari'ate ta'ee ragaa irraa ittisuu danda'an dhiyeeffachuu akka danda'u erga dhimmichi murtii argateen booda abukaatoo ittisaa isaatti kan himerraa hubachuu dandeenyee jirra[98].

Mirgi Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu haala barbaadameen hojiirra akka hin oolle kan taasisan keessaa hubannoon manni murtii Abukaatoo Ittisaarratti qabu gadi aanaa ta'uun isa tokko dha. Sababni isaas himatamaan Abukaatoo Ittisaa isaaf ramadame waliin akka marii bal'aa godhuuf mana murtiitiin yeroo gahaa waan hin kennamneefidha.

Walumaagalatti yeroo dhiphaa karaa Mana Murtiitiin kennamuu fi waa'een Abukaatoo Ittisaa himatamaaf ifa ta'uu dhabuu irraan kan ka'e himatamaan dhimmasaa gadi fageenyaan Abukaatoo Ittisaa waliin osoo hin mari'atiin hafa. Kun immoo wantootni barbaachisaa ta'an

[97] Af-gaaffii Obbo Tasfaayee Aaddisuu, Abukaatoo Ittisaa M/M/Ol/Go/Ad/Or/N/Finfinnee waliin taasifame.
[98] Af-gaaffii Obbo Tasfaayee Aaddisuu, Abukaatoo Ittisaa M/M/Ol/Go/Ad/Or/N/Finfinnee waliin taasifame.

akka irra utaalaman waan godhuuf murtee haqa qabeessa ta'e kennuuf baay'ee rakkisaa dha. Raawwii mirga Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu irrattis gufuu guddaa ta'eera.

Kana malees, caasaan guddinaa, carraan barumsaa, leenjiin gahaan Abukaatoo Ittisaati kennamuu dhabuu, rakkoo baajataa fi meeshaaleen barbaachisaa ta'an guutamuufi dhabuun gufuuwwan akka waliigalaatti Abukaatoowwan Ittissaa hedduun kaasani dha.

Walumaagalatti, mirgi Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu himatamaa qabatamaan Mana Murtii Aanaa irratti guutummaan guutuutti hojii irra oolaa hin jiru. Garuu Mana Murtii Ol'aanaa irratti haanqinootni baay'een yoo jiraataniyyuu hanga tokko hojiirra olaa jira.

4.3.3 **HUBANNOO HIMATAMTOOTNI ABUKAATOO ITTISAA IRRATTI QABAN**

Armaan olitti rakkinoota gama abukaatoo ittisaatiin darbanii darbanii hojii irratti mul'atan ilaaluuf yaallee jirra. Rakkinni kun gama himatamaatiinis mul'achuun isaa hin oolle. Kunis, Abukaatoon Ittisaa maaliif akka fayyadu hubachuu dhabuu fi amantaas irraa dhabuun rakkina guddaa ta'aa jira.

Rakkinoota kana daawwannaa Mana Murtiitti goonee fi af-gaaffii himatamtoota waliin taasifamerraa ifatti ni mul'ata. Kunis lakkoofsaan yeroo taa'u himatamtoota gaafataman keessaa harka %80 (dhibbeentaa saddeettamaa ol) Abukaatoo Ittisaa ilaalchisee hubannoo akka hin qabnee fi amantaas akka irraa hin qabne hubachuun ni danda'ama. Sababni isaan amantaa akka irraa dhaban taasises caaseffamni Abukaatoo Ittisaa yeroo ammaa mana murtii keessatti argamuu akka ta'eedha. Akka yaada himatamtoota kanneeniitti abukaatoon ittisaa abbaa seeraa irraa akka qaama addaa ta'eetti hin ilaalan, inumaayyuu akka waan abukaatoon ittisaa gurra abbaa seeraa (iccitii isaanii dabarsee laatuutti) akka lakkaa'an dubbatu. Kanaaf, abukaatoo ittisaa ilaalchisee amantaan isaanii gadi aanaadha ijaa ta'eef, itti fayyadamuu irrattis rakkootu jira.

Akka amantaa qorattoota kanaatti garuu rakkoon kun uumamuu kan danda'e sababa caasaan abukaatoo ittisaa mana murtii keessa ta'eef qofa miti. Hubannoon gama kanaan hawaasni qabu akka dagaagu sochiin qabatamaan taasifame hin jiru waan ta'eefi malee.

4.4 GUMAACHA ABBAAN SEERAA MIRGA HIMATAMAA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU KEESSATTI QABU

Sirni seera biyya keenyaa makaa sirnoota seera lameenii, 'civil law' fi 'common law' dha. Gaheen Abbaa Seeraa biyya keenyaa akka kan warra sirna sivilii hordofaniitti hunda kan raawwatu miti. Gama biraatiin immoo akka kan warra sirna 'comman law' gaheen Abbaa Seeraa biyya keenyaa baay'ee gadi aanaa miti. Kana jechuunis Abbaan Seeraa falmii gaggeeffamu hunda keessatti gahee murteessaa qaba.

Himatamtoota lammummaan Itiyoophiyaa ta`anii Abukaatoo mootummaatiin hin deeggaramne gargaaruun dirqama Abbaa seeraa heeraa fi seerotaan tumamedha.[99] Dirqamni kun Abbaa Seeraa irraa akka eegamu kaa`uuf sababni jiru waggoota 70 darban keessatti seerri Itiyoophiyaa himatamaan Abukaatoo ittisaaan akka deeggaramu al-kallattiidhaan akkasumas haala ifa ta`een waan kaa`ameeruufidha.

Dirqamni Abbaa seeraa haala kanaan jira yoo jennu garuu gama mootummaatiin himatamaaf Abukaatoo ittisaa dhaabuun hin barbaachisu yookiin faayidaansaa gadi aanaadha jechuu miti. Kanaaf Abbaan seeraa gahee irraa eegamu kana yoo bahe, qaawwa qabatamaan hanqina bajataan wal qabatee jiru duuchuuf ni gargaara.

Haaluma walfakkatuun Naannoo Oromiyaa keessatti himatamaan, giddu-galeessa magaalotaattis yoo ta`e baadiyyaatti kan argachuu danda`u (keessaattuu sadarkaa Mana Murtii Aanaatti) Abbaa seeraa waan ta`eef sirna adeemsa falmii yakkaa keessatti gaheen Abbaa seeraa ol`aanaa ta`uu akka qabu ni agarsiisa.

[99] .kwt.13, Heerri Mootummaa Dimokiraatawaa Rippaabilika Federaalawaa Itiiyoophiyaa mannen murtii mirga heera kan keessatti hammatame hundaa hojii irra akka oolchan ajaja akkasumas kwt. 17 heera mootummaa himatamtoota yakkaa hundaaf mirga adeemsa seeraan deemamuu qabu (due process) keessa akka darbaniif mirga isaan gonfachiseera.Heerumaa kan kwt.79(4)

Abbootiin Seeraa mirga heeraan himatamaaf kenname kabachiisuun caalaatti hooggansa dhaddachaa fi dhugaa baasuu irratti gahee olaanaa qabu. Abbaan seeraa dirqama ogummaa qabu bahuu qaba. Kunis Abbaan seeraa tokko bilisa ta'ee falmii gaggeesuu fi ijoo hundeessuu qofa otoo hin taane haqni akka hin jallanneef gahee isaa bilisaan bahuu qaba. Kanaaf Abbaan seeraa tokko keessattuu garaagarummaan beekumsaa fi dandeettii gama wal falmitootaatiin bakka jirutti haqa baasuuf gahee guddaa dhaddacha irratti akka qabu hubachuun salphaadha.

Himatamaan gargaarsa seeraa akka argatuuf Abbaa seeraa irraa maaltu eegama kan jedhu qorannoo kana keessatti ilaalameera. Abbootiin seeraas gaaffii kana yoo deebisan himannoo dursanii qaqqabsiisuu, qabiyyee himatichaas sirriitti akka hubatan taasisuu, haala loogii hin qabneen mirgaaf dirqama himatamaa hubachiisuu fi mirga heeraan kenname eeguudhaan gargaarsa seeraa yeroo himatamaan Abukaatoo Ittisaatiin hin deeggaramne keessattuu manneen murtii aanaa irratti gargaarsa seeraa ni goonaaf jechuun dubbatu.

Kanneen biroos, yeroo gahaa Abukaatoo Ittisaa isaanii waaliin akka mari`ataniif kennuu fi yeroo himatamaan mirga Abukaatoo Ittisaatiin deeggaramuu hin argannetti abukaatoo dhuunfaan akka gargaaraman ni godhama jedhu.[100] Kana malees, dhaddacha irratti dhugaa baasuuf sirriitti gaaffilee gaafachuu, abukaatoodhaan falmachuun mirga heeraan kennameef ta'uu hubachiisuutu nurraa eegama jechuun yaada isaanii kennaniiru.

4. 5 MIRGA HIMATAMAA ABUKAATOO ITTISAATIIN DEEGGARAMUU KABACHIISUUF HANQINOOTA GAMA ABBAA ALANGAATIIN MUL'ATAN

Abukaatoon ittisaa itti gaafatamummaa himatamaan tokko bilisa ta'uu isaa mirkaneessuu hin qabu. Kanarra darbees Abbaa Alangaatu himatamaan sun yakka raawwachuu isaa mirkaneesuu qaba. Garuu abukaatoon ittisaa himataa tokko mo'achuuf dhaddacha irratti carraaqqii guddaatu irraa eegama. Kanneen keessaa odeeffannoo gahaa argachuu fi himata edda xiinxalee booda deebii mormii sadarkaa duraa akkamitti dhiheeffachuu akka qabu dursee irratti qophaa'uu qaba. Dhaddacha irrattis dhugaa baasuuf gaaffii qaxxaamuraa barbaachisoo ta'an kaasuun dirqama ogummichaati. Erga gahee abukaatoo ittisaa ammana jennee Abbaan

[100] . Af-gaaffii Obbo Guutamaa Abbashuu, Abbaa Seeraa M/M/Go/Sh/Lixaa, Kadir Wayyuu, Abbaa Seeraa M/M/Ol/Go/Arsii Lixaa

Alangaas dirqama mirga himatamaa kabachiisuu akka qabu ni beekama. Sababiin isaas kaayyoon Abbaa Alangaa himatamaa tokko adabsiisuu qofaa osoo hin ta'iin haqas baasuufidha.

Akka s/d/f/y kwt 149(3) irratti tumameen Abbaa Alangaan erga murtiin balleessummaa kennameen yaada adabbii akka kaasu ni kaa'a. Tumaa seeraa kana irraa akka hubanutti kenniinsa adabbii jechuun yaada adabbii cimsuus salphisuudhas malee yaada adabbii cimsuu qofaa akka hin tanee dha. Kana malees Abbaan Alangaa qaama haqaa fi ogeessa haqaa kan haqaaf falmudha malee himatamaa adabsiisuuf kan kaayyeffatee deemu miti. Kaayyoon seeraa barsiisuudha malee haaloo bahuu waan hin taaneef gaheen Abbaan Alangaa mirga himatamaa kabachiisuu irratti qabu akka laayyootti hin ilaalamu. Kanafuu, himatamtoota keessattuu Abukaatoo Ittisaatiin hin deeggaramneen erga murtiin balleessumaa kennamee booda yaada adabbii salphisu kasuun dirqamaa dha.

Qabatamaan garuu daataan funaanname akka mul`isutti manneen murtii ol'aanaa fi aanaa irratti Abbootii Alangaa gaaffiin dhiyaateef keessaa harki 60 (%60) yaada adabbii salphisu gaafatanii hin beekani. Kuni ammo himatamtoota Abukaatoo ittisaa malee falman mirga isaanii dabalataan kan miidhuudha. Haa ta`u malee, Abbootiin Alangaa tokko tokko himatamtoota Abukaatoo Ittisaa malee falmaniiif darbee darbee akka dhuunfaatti yaada adabbii salphisu akka kaasan ni dubbatu.

Shoorri Abbaa Alangaa mirga himatamaa kabachisuu keessattii qabu guddaa waan ta`eef Abbaa Alangaanis murtii haqaa kennisisuu irratti cimee hojjachuu qaba jenna.

4.6 GAHUMSA ABUKAATOO ITTISAA OROMIYAA KEESSATTI

Abukaatummaan itti gaafatamummaa ol'aana kan hordofsiisuufi bulchiinsa haqaa keessatti ogummaa gahee ol'aanaa qabu waan ta'eef abuukaatota irraa gahumsa olaanaatu eegama. Haaluma kanaan yaa'ii caffee 82^{ffaa} gaafa guyyaa 17/2/99 gaggeeffameen Mootummaan Naannoo Oromiyaa abukaatoo ittisaa mana murtii keessatti tajaajilan ramaduuf ulaagaalee barbaachisan baasee jira. Kunis gabatee armaan gadii keessaatti mul'ateera.

Sadarkaa hojii	Ulaagaa barbaachisu	Muuxxannoo hojii	Mindaa
I/G/A/ittisaa M/M/W/O	LLB/LLM/LLD	3/1/0	2425
A/I M/M/WO	LLB/LLM	3/0	2425
A/I M/M Oromiyaa	LLB/DIP	1 4ffaa ji'a sadi	

Abukaatotni Ittisaa godinaalee qo`annoo kana keessatti hammataman kan qacaraman ulaagaan ramaddii armaan oliiti caqasame otoo hin bahin dura dha.[101]Kanaaf, ulaagaa kana guutanii qacaraman jechuun nama hin dandeesisu. Haa ta`u malee qabatamaan abukaatoo ittisaa gaafanne akka ibsanitti gahumsa isaani gama barumsaan jiru yeroo ammaa fooyyeffatanii jiru.[102] Gama mootummaatiin garuu abukaatoon ittisaa gahumsa isaan qaban akka fooyyeffataniif leenjiin gahaa ta`ee keenamaa hin jiruu.[103] Haa ta`uu malee qaamni falmii waliin gaggeessan Abbootiin Alangaa yeroo amma godinaa keessatti argaman irraa caalan isaanii gahumsi isaanii leenjiidhaan kan gabbate dha. Karaa biraatin dandeettii abukaatoo ittisaa falmii gaggeesuu yoo ilaalle abukaatoo ittisaa godinaalee qo`annoon kun itti gaggeeffame keessatti argaman harki caalu gahumsi qaban gaariidha. Gahumsi abukaatoo ittisaa yeroo baay`ee walitti dhufeenya himatamaa isaanii waliin qabaniinis ni madaalama. Abukaatoo ittisaa maamila isaanii waliin kan wal argatan dhaddacha irratti; akkasumas mariin isaan taasisan daqiqaa kudhan kan hin caalle dha.[104] Kanaaf, yeroo muraasa kana keessatti dhimmicha sirriitti hubatanii falmii gaggeessuuf ni rakkatu. Gama biraatiin Abukaatoo ittisaa naannoo Oromiyaa keessatti argaman gahumsa isaanii akka foyyeeffatan meeshaaleen barbaachisoo kan akka kitaabotaa, seerotaa fi toora interneetii isaaniif mijaa`ee hin jiru.

Karaa biratiin abukaatootni ittisaa hojii isaanii yeroo raawwatan keessatti karoora ji`aas ta`ee karoora waggaa baasanii hojii irraa olchaa hin jirani. Kun immoo gahumsi isaan qaban maal irratti hundaa`ee akka madaalamu rakkisaa ta`a. Qaamni hojii abukaatoo ittisaa madaalu

[101] .obbo Jamal Hussen, Abukaatoo ittisaa mana murtii waliigalaa oromiyaa keessattii argamaan bara 2000 waan qaxaramaniif ulaagaa bara 1999 baheen guutuun dorgoomiidhaan qaxaramee.
[102] .Abukaatoo ittisaa G/Wallagaa Baha fi sh/lixaa obbo xilaahun dirbaaba yeroo qaxaramaan sadarkaa diploma irraa kan tureenfi yeroo amma digirri jalqabaa qabu.
[103] Afa-gaaffii, Obbo Jamaal Huseen, Abukaatoo ittisaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaa, waliin taasifame.
[104] .Af-gaaffii Obbo Tasfaayee Aaddisuu, Abukaatoo Ittisaa M/M/Ol/Go/Ad/Or/Naannawa Finfinnee waliin taasifame.

mana murtii keessatti gurmaa`ee hin jiru. Gahumsa isaanii ilaalchisee qaamni duub-deebii kennuufis hin jiru.

Akka ijjannoo qo'attoota kanaattis, bakka qaamni gahumsa Abukaatoo Ittisaa madaalu hin jirretti gahumsa isaanii yaada nama dhunfaatiin madaaluun nama rakkisa. Qabxiin namni tokko ittii madaaluu fi qabxiin namni biraa ittiin madaalu garaagara. Kanaaf, gahuumsa dhaddacha irratti agarsiisan qofaan Abukaatoon ittisaa kun cimaa dha, kun immoo dadhabaa dha jechuun ni rakkisaa. Madaalamuuf qabxiin hunda biratti fudhatamuu danda'u /objective standard/ jiraachunn ni barbaachisa.

Mirgi Abukaatoo Ittisaatiin bakka bu'amuu heeraa fi waliigaltee addunyaa adda addaa irratti eegumsi godhameef kun bakka bu'amuuf qofa osoo hin ta'iin mirga tajaajila bu'aa qabu argachuuf waan ta'eef Abukaatoo gahumsa qabuun mirgi kun kabajamuu qaba.

YAADA GUDUUNFAA

Mirgi Abukaatoon deeggaramuu himatamaa falmii madaalawaa gaggeessuuf qabxiilee murteessoo ta'an keessaa isa bu'uuraati. Garaagarummaan hubannoo Abbaa Alangaa fi himatamaa gidduutti dhimma seeraa irratti mul'atus, himatamaan ogeessa seeraatiin deeggarmuu irraa kan ka'e akka dhiphatu ta'eera. Haa ta'u malee, himatamtoota baasii mataa isaaniitiin abukaatoo seeraa bakka buufachuu hin dandeenye rakkinni muudachuun isaa itti fufeera. Himatamtoota kanneeniif ammoo akka furmaataatti biyyi keenya Mootummaan Abukaatoo Ittisaa akka dhaabuuf taasiftee jirti; ittis hojjatamaa jira.

Haala kanaan, Heerri Federaalaa fi kan Naannoo Oromiyaa haala mirgi kun ittiin hojiirra oolu kaa'aniiru. Bu'uura tumaalee heerota kanneeniitiin mirgi Abukaatoo Ittisaa Mootummaatiin deeggaramuu kan hojiirra oolu ulaagaaleen itti aanaan yoo ni jiraatu ta'eedha:- "*namni sun(himatamaan) baasii mataa isaatiin abukaatoo dhaabbachuu kan hin dandeenye yoo ta'ee fi haqni ni daba jedhamee kan yaadamu yoo ta'eedha."*

Labsiin Mannee Murtii Oromiyaa irra Deebi'anii Hundeessuuf bahe Lakk. 141/2000 immoo keewwata 17(2) jalatti gaalee "*haqni ni daba"* jedhu wayita hiika laatuuf *yakkoota waggaa 5 fi isaa ol adaabsiisaniin himatamaa himatameef abukaatoon ittisaa akka dhaabatuuf kan tume yoo ta'u;kuni immoo mirga himatamaa abukaatoo ittisaatiin deeggaramuu heera mootummaatiin eegumsi taasifameef kan dhiphisuudha.*Sababni isaas, himatamaan tokko yakka waggaa 5 gadi adabsiisuun kan himatame yoo ta'e abukaatoon ittisaa hin dhaabbatu jechuu waan ta'eefidha.

Mirgi Abukaatoo Ittisaan deeggaramuu mirga Heera Mootummaan beekamtiin kennameef ta'ullee, akka Naannoo Oromiyaatti hojiirra oolmaa mirga kanaa irratti hanqinoota hedduutu mul'ata. Hanqinoota kanneeniif akka sababaatti ka'uu kan danda'an ammoo; ifa ta'uu dhabuu seeraa, hanqina hubannoo barbaachisummaa Abukaatoo Ittisaa irratti mula'atu, hanqina bajataa karaa Mootummaatiin jiruu fi rakkinoota gama qaamolee haqaatiin mul'ataniidha.

Walumaagalatti, dhimma kana irratti rakkinootni hedduun kan mul'atan yoo ta'an, qabxiilee akka rakkoo ijootti Waraqaa qorannoo kana keessatti xiinxalamaniif yaada furmaataa armaan gadii dhiyeessuuf yaalleerra.

YAADA FURMAATAA

- Akkuma qaama qorannoo kanaa keessatti tuquuf yaalame Labsiin Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe Labsii Lakk. 141/2000 keewwata 17(2) jalatti gaalee "***haqni ni daba***" jedhamee Heera Mootummaa jalatti tumame "…yoo himatamaan yakka waggaa 5 fi isaa ol adabsiisuun himatame…."jechuun hiikuun yaada "*Caffeen aangoo heera Naannoo hiikuu qaba"* jedhu irraan kan nama gahuudha. Sababni isaas bu'uura Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Keewwata 67'tiin Caffeen aangoo heera hiikuu hin qabu. Maddi heera Naannoolee ammoo Heera Federaala Dimokiraatawaa Rippaablika Itoophiyaa akka ta'e ifaadha. Kanaaf gaalee heera irratti tumame Caffeen (qaamni seera baasu) hiikuun isaa gaaffii kan kaasuudha. Utuma Caffeen aangoo gaalee sila eerame hiikuu qaba kan jedhamu illee ta'ee qabxiin hubannoo keessa galuu qabu himatamaan Abukaatoo Ittisaa Mootummaa argachuuf, hanga adabbii silaa himatamaa irratti murtaa'uu danda'u osoo hin taane, hir'achuu haqaa qofaadha. Haqni kan hir'atu nama Waggaa 5 fi isaa ol adabamuu danda'u qofaaf miti. Sababni isaas mirgi nama tokkoo sarbamuu fi dhiisuun isaa hanga adabbii irratti kan hundaa'u miti. Kanaaf hanga humni (diinagdeen) hayyametti Mootummaan Abukaatoo Ittisaa himatamtootaaf dhaabuuf hanga adabbii irratti hundaa'uu hin qabu, seerichis Mirga Heera Mootummaan laatame kan dhiphisu waan ta'eef, fooyya'uu qaba.
- Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa keewwata 20(5) jalatti Abukaatoo Mootummaa irraa argachuuf himatamaan yoo Abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuuf hin dandeenye yookaan humna hin qabne jechuun tumamee jira. Haa ta'uutii, himatamaan Abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuuf humna hin qabu kan jedhamu yoomidha? Humna qabaachuufi dhabuun maaliin shallagama? Ulaagaa hoo qabnaa? Moo akka hojimaata amma jiruutti sababuma himatamaan humna hin qabu jedheef qofa Mootummaan abukaatoo ittisaa dhaabuu qabaa? Gaaffilee kanneenii fi kan biroofis tumaan seeraa deebii laatu hin jiru.

Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaarrattis ta'ee labsii Lakkoofsa 141/2000 Manneen Murtii Oromiyaa irra deebisanii baasuuf bahe irratti namni tokko hiyyeessa kan jedhamu galii hangamii yoo qabaateedha?isa jedhuuf deebiin laatame hin jiru. Kuni immoo manneen murtii garaagaraa keessatti hojimaatni adda addaa akka jiraatu taasiseera. Namni tokko hiyyeessa jennee adda baasuuf ulaagaa waaltawaan (objective standard) utuu jiraatee gaariidha.

- Labsii 141/2000 jalatti abukaatoon ittisaa mootummaa himatamaaf kan dhaabbatu yoo himatamaan yakka waggaa 5 fi isaa ol adabsiisuun himatameedha jechuun tumee jira. Yakkootni kun ammo kan keessummeeffamaa jiran manneen murtii sadarkaa garaagarraatti. Haala qabatamaa amma jiruun Abukaatoon ittisaa Mootummaa kan ramadamu Manneen Murtii Godiinaalee keessatti dha. Manneen Murtii Aanaa ammo yakkoota hanga waggaa 10 adabsiisuu danda'an ilaalaa kan jiran yoo ta'u, sadarkaa aanaatti abukaatoon ittisaa mootummaa hin jiru waan ta'eef mirgi heeraan beekamtiin kennameef kun hojiirra oolaa hin jiru waan ta'eef, Abukaatoon ittisaa sadarkaa aanaatti jiraachuun barbaachisaadha jenna.
- Haala qabatamaa diinagdee biyya keenyaatiin yakkoota himatamaan tokko ittiin himatamuu danda'u kamiifuu Mootummaan Abukaatoo Ittisaa dhaabuu qaba jechuunis kan ulfaatu ta'a. Mirgichi ammoo mirga Heera Mootummaan kennameedha ijaa ta'eef carraalee biroo jiranittis fayyadamuun barbaachisaa ta'a. Fakkeenyaaf, Labsii Hayyamaa fi Galmeessa abuukaattoota Oromiyaa Labsii Lakk. 86/1996 jalatti Abukaatoon dhuunfaa namoota harka qalleeyyii (kanneen abukaatoo dhuunfaa dhaabbachuu hin dandeenyeef) gargaarsa seeraa bilisaan kennuu akka qaban (pro bono service) tumee jira. Qaamni seera kana abbummaan raawwachiisu, Biiroon Haqaa, haala akkamiin tajaajilli kun akka kennamu haala ifa ta'een wanti kaa'ame waan jiru hin fakkaatu. Kanaaf, qajeelfamni haala Abukaatoowwan dhuunfaa gargaarsa kennuu danda'an tumu jiraachuu qaba. Seera hojiirra jiruunis yoo ta'e, abukaatotni dhuunfaa hayyamni kan laatamuufii fi kan haara'u Biiroo Haqaatiin waan ta'eef tumaa seeraa kana hojiirra oolchuufis yoo xiqqaate wayita abukaatotni hayyama isaanii haaromsan abukaatotni kunneen dirqama tajaajila bilisaa kennuu kana hojiirra oolchuu isaanii to'achuu qaba jenna. Hayyama abukaatummaa haaromsuufis utuu Dambii wayiitiin

dirqama kana bahuu akka ulaagaatti taa'ee rakkoo gama kanaan jiru ni dhiphisa jennee amanna.

- Sadarkaa biyyaattis ta'ee naannootti Abukkaattota ittisaa mootummaa ilaalchisee koodiin ittiin bulmaataa hin jiru. Akka muuxannoo biyyoota ambaas waldaan gurmaa'anii hin argaman. Kun immoo tokkoffaa qaqqabamummaa tajaajilichaa irratti rakoo uumuun hin hafu, gama biraatiin immoo abukaatoon ittisaa tokko waggaatti yookiin yeroo murtaa'aa ta'e tokko keessatti dhimmoota hammamii keessumeessuu akka qabu wanti qajeelchu hin jiru. Kanaaf, haala dinagdee biyyattii waliin walsimuu danda'uun; lakkofsa abukaattoota ittisaa baay'isuun baay'ina dhimmoota isaan keessummeessuu danda'anii murteessuun ni danda'ama, baay'inni dhimma keessummeessanii madaalawaa yoo ta'e immoo tajaajila barbaachisaa qixa sirrii ta'een laachuu isaan dandeessisa; naamusa abukkaattota kanneeniis ilaalchisee akkuma kan biyya Ameerikaa utuu waldaadhaan gurmaa'anii koodii ittiin bulmaata mataa isaanii qabaatanii gaariidha jennee amanna.
- Haala qabatamaa amma jiruun Naannoo Oromiyaa keessaatti caasaan Abukaatoo Ittisaa Manneen Murtii keessatti diriiree argama. Kuni ammoo (abukaatoon ittisaa mana murtii jalatti argamuun isaa) bilisummaa isaanii irratti dhiibbaa uumuun isaa hin oolu, amantaan himatamaan Abukaatoo Ittisaa irratti qabus xiqqaa ta'a, sababni isaas akka af-gaaffii sirreeffamoota seeraa Godinaalee qorannoon kun itti adeemsifame keessatti taasifame irraa hubannetti sababuma abukaatoon mana murtii keessatti argamuuf qofa akka waan abukaatotni kunneen Mana Murtii (Abbaa Seeraa) waliin hidhata qabaniitti lakkaa'uun dhimma isaanii bilisa ta'anii itti himachuu irratti rakkoon akka jiru dubbatu. Inumaayyuu Abbootiin seeraa kunneen Abukaattoota ittisaa kanneenitti fayyadamuun iccitii isaanii baasisuuf akka waan ramadamaniitti akka lakkaa'an ibsaniiru. Kanaafuu, Waajjirri Abukaatoo Ittisaa of danda'e hundaa'uu qaba. Bulchiinsa isaanis walqabatee waamamni isaa Mana Murtii Waliigala Oromiyaaf ta'ee, bilisummaa fi itti gaafatamummaan isaa seeraan kan murtaa'e ta'uu qaba.
- Sadarkaa guutuu biyyaatti fooyya'iinsa sirna haqaaf Ogeessotni seeraa (Abbootii seeraa fi Alangaa) tiif leenjiin yeroo dheeraa fi gabaabaa haala qindoomina qabuun kennamaa jira. Haa ta'u malee, Abukaatoowwan Ittisaa Mootummaatiif leenjiin kennamaa jiru

gahaa leenjii ogummaa fi dandeettii abukaatoo ittisaa cimsu ta'uu qab. Kanaaf, ILQSO irraas dirqamni leenjii kana Abukaatoota ittisaaf kennuu ni eegama.

- Hubannoon uummanni Abukaatoo Ittisaaf qabu akka guddatuuf gama Mootummaatiin hojii guddaatu eegama. Fakkeenyaaf himatamaan abukaatoo ittisaan akka fayyadamu hawaasaaf barumsi laatamuu qaba.

MADDOOTA WABII

1 Kitaabotaa fi Barreeffamoota Adda Adda

1. Abdi Jibril fi zanebe Adelalu;legal profession and ethicsteching material : sponsored justice and legal system research institute;2009
2. Abduljabbaar Husseen fi Ahmad Jamaal, Moojulii Raawwatamummaa mirgoota fi bilisummaawwan bu'uuraa,ILQSo,
3. Abduljabbar Hussen,shuuraa Bakaraa:Heera Kabajuu fi kabachisuu shoora Qaamolee Haqaa:Adaamaa ,2000
4. Aderajew Teklu fi kedir Mohammed ;Ethiopian criminal procedure teaching material under the sponsorship of justice and legal system research institute ,march 2009
5. Aremu Taiwo Oluwaseyi:The Right of an accused person Under Nigerian Legal system;research paper ;2006
6. Bryan A.Garner; Black's law dicitionary,8th ed
7. Deborah L.Rhode;In interest of justice reforming the legal profesion ;2000;oxford university press.
8. Debras.Emmelman;2006;*Justice for poor,* Great Britain: Ash gate publishing limited .com;
9. Grezy Luers ; 2002,*American constitutional law power and politics* ;Newyork,Houghton mittin company ,vol.2
10. Hasan Damissee fi Habib A/Jabal; seera deemsa falmii yakkaa dhagaya idilee dhimma yakkaa; ILQSO
11. Hasan Damissee fi Habiib A/ jabal; Seera Deemsa Falmii Yakkaa Dhagaya Idilee Dhimma Yakkaa; moojuuli leenjii irraa.
12. Larry J.Siegel fi John L.Worrall, *Introduction to criminal Justice;*united statesof America,wandsworth cengage learning 13thed,2012,fuula
13. Makaashaa Abarraa fi Urgeessa Ganamoo;Naamusa ogummaa abbootii seeraa fi abbootti alangaa moojulii leenjii hojii duraa, caamsa 2001,fuula 90.
14. Michael P. Todaro & Stephen C. smith: *Economic development*, pearson Education .Ltd.New Delhi,8th Edition, 2003
15. Namusaa abukaatoo fi waliitti dhufeenya himatamaa waliin qaban, insituiyuttii leenjii qaamolee haqaa federalal abukaatoo ittisaatiif qopha`ee
16. Paul MAGEEN :*THE ROLE AND INDEPENDENCE OF PROSECUTORS* Belfaxt ,Northern ,Ireland 17th may 2005,Cario

17. Research on Guarentee of accused person`s right to defense counsel:A comparative of vietamese,German and America laws ,2001
18. Wondowossen Demissie Kassa :Ethiopian criminal procedure; Adddis Ababa university,2012

2. Seerotaa fi Labsiilee

1. European Convention On Human Right , Art. 6
2. African Charter on Human Right, Art.8&7
3. International Covenant On Civil and Political Rights:adopted By General Assembly Resolution 2200A(xxi) of December 1966.the covenant entered into force on 23,march 1976.
4. Heera Mootummaa Dimokiraatawaa Rippaabilika Federaalawaa Itiiyoophiyaalabsii lakk. 1/1995
5. Heera Mootummaa naannoo Oromiyaa labsii lakk.213/93
6. Federal Court Advocate Licensing and Registeration pro.no 1999/2000 ,kwt 2(2)
7. Standards of professional responisibility and statement of the essential duties and rights of prosecutors
8. Sonawwan bu'uuraa shoora ogeessoota seeraa kan mootummota gamtoomanitin bahee, 1990, seensa isa keewwata 9.
9. Labsii Naamusa Abbootii Seeraa Labsii Lakk. 1/2001
10. Labsii Manneen Murtii hundeessuuf bahe labsii lakk. 6/1995.
11. Labsii Manneen Murtii Oromiyaa irra deebi'anii hundeessuuf bahe labsii Lakk. 141/2000
12. Seera Adeemsa Falmii Yakkaa
13. Universal Declaration of Human Rights, 1948.

3. Dhimmoota

1. Dhimma Abbaa Alangaa fi Fayyisaa Jabeessaa, M/M/A/Amboo, lakk.gal.25007
2. Dhimma Abbaa Alangaa fi Siisay Dajanee, M/M/A/Amboo, lakk.Gal.29214
3. Dhimma Abbaa Alangaa fi Taarikuu Gurmeessaa, M/M/Ol/Go/Ad/Or/Na/Finfinnee Lakk. G. 07688.

4. Toora Interneetii

http://www.sdcountry.ca.gov/public defender,gaafa guyyaa 21/03/ 2005 ilaalame

ODEEFANOO DABALATAA

I. Namoota Af-gaaffii irratti hirmatan

1. Abbootii seeraa

	Maqaa	Bakka	Guyyaa
1.	Baqqalaa Shifarraw	Pira/M/M/A/A/Nageellee	01/13/2004
2.	Hirphoo Irressoo	Priza/M/M/A/Shashamanee	30/13/2004
3.	Sisay Mul'ata	A/SA/Shashamanee	30/13/2004
4.	Addisuu Bidiraa	A/S A/Nagellee	01/13/2004
5.	Ayyaantuu Bidiraa	B/B/Pris/M/M/N/ Finfinee	03/01/2005
6.	Warqituu Qorichoo	A/S M/M/A/Aqaaqii	04/01/2005
7.	Dassalany	Pire/M/M/Aanaa Sabbataa	04/01/2005
8.	Hinjiguu Ejjetaa	A/S G/W/Bahaa	25/01/2005
9.	Fiqiruu Guutamaa	A/S Shawaa Lixaa	07/03/2005
10.	Guutamaa Abashuu	A/S M/M/G/Sh/Lixaa	07/03/2005
11.	Hordofaa Toleeraa	A/S M/G/W/Bahaa	25/01/2005
12.	Ijiguu Taaddasaa	A/S M/M/W/Bahaa	25/01/2005
13.	Asfaaw Nagaraa	Pire/M/M/A/Amboo	27/03/2005
14.	Kadir Wayyuu	G/A/Lixaa	30/13/2004
15.	Geetuu Mulugeetaa	G/A/N/Finfinnee	03/01/2005
16.	Zanabach Damsaash	A/S/A/Amboo	27/03/2005
17.	Nuur Bashraa	Pire/M/M/Ol/A/Lixaa	30/13/2004

18. Gurmeessaa Dirriibsaa	Pire M/M/A/G/Giddaa	25/01/2004
19. Alamayoo UUmaa	M/M/G/A/N/F/Sabataa	03/01/2005
20. Yeroo Ragaasaa	A/S/ G/A/N/F	03/01/2005

2. Himatamtoota

Maqaa	**Bakka**	**Guyyaa**
1. Muudi Nuree	Shashamannee	30/01/05
2. Tariluu Lubbaa	Ambo	30/02/05
3. Yooseef Guutaa	Shashamannee	30/01/05
4. Kusa Kuma	Shashamannee	30/01/05
5. Solomon Baqaalaa	Goddina Adda N/Finfinnee	03/01/05
6. Alamayyoo Ittichaa	Goddina Adda N/Finfinnee	03/01/05
7. Darraje	Goddina Adda N/Finfinnee	03/01/05
8. Ermiyaas Shimalis	Goddina Adda N/Finfinnee	03/01/05
9. Asagid Godaana	Arsii Nageellee	01/13/04
10.Alamu Insarmuu	Ambo	30/02/05
11.Milkiishii Yaadataa	Ambo	30/02/05
12.Urgee Haayilee	Ambo	30/02/05
13.Dastaa Margaa	Ambo	30/02/05
14.Dhaabasaa Barsiisaa	Ambo	30/02/05
15.Taaboot Damboobaa	Ambo	30/02/05
16.Gizawu Nagaroo	Ambo	30/02/05
17.Gammadoo Dhaqaboo	G/A/Lixaa Shashammannee	30/01/05
18.Usuman Qalloo	G/A/Lixaa Shashammannee	30/01/05
19.Nugussee Qaabatoo	G/A/Lixaa Shaashammanne	30/01/05
20.Abishuu Daddatoo	G/A/Lixaa Shaashammannee	30/01/05

21. Kiflee Wandiimagany G/A/Lixaa Shaashamannee

3. Abukaatoo Ittisaa

	Maqaa	***Gita Hojii***	***Bakka Hojii***
1.	Kaasaahun Gaadisaa	A/ittisaa	Ambo (Goddina)
2.	Xilaahuun Dirbabaa	A/Ittisaa	Ambo
3.	Darajjee Nuurfataa	A/Ittisaa	G/W/baha Naqamtee
4.	Tasfaayyee	A/Ittisaa	G/A/N/Finfinnee
5.	Tasfaayyee	A/Ittiisaa	G/A/N/Finfinnee
6.	Faaxumaa Daaduu Abdoo Shaashamanne	A/Ittisaa	G/A/Lixaa
7.	Tasfaayyee Magarsaa Shaashamanne	A/Ittisaa	G/A/Lixaa
8.	Tasfaayyee Magarsaa	A/Ittisaa	G/A/Lixaa Amboo

II. Bar- Gaaffii Abbaa seeraaf

Gaaffileen armaan gaditti kaa'aman dhimma miirga Himatammaa Abukaattoo Ittissaatiiin deeggaramu waliin wal qabatan yoo ta'an deebiin isiin deebiiftan qorannoo nuti gaggeessaa jiruuf bakka guddaa qabaata. Kanaaf gargaarsa nuuf gotaniif gamanumaa galatomaa jechaa gaafilee jiran akka sirnaan nuuf guttan kabajaan isiin gaafanna.

1. Dhimmoonni yakkaa kan akkamiitu yeroo baay'ee dhufa?

   _____

2. Shoorri Abukaatoon Ittissaa murtii haqa qabeessa keennisiisuu irratti qaban yeroo ammaa

   A/ daran ol'aanaa B/ ol'aanaa C/ Xiqqaa D/ hin qabu

3. Himatamtoonni Abukaatoon Ittissaa dhaabatefi bilisa bahan haangamii?

   _____

   _____

4. Akka Himatammaa fayyadutti waan irratti hojjatamuu qabu jettan maal fa'a?

   _____

   _____

5. Himatamaan gargaarsa seeraa akka argatu maaltu isiin irraa eegama?

   _____

   _____

6. Sadarkaa uummanni miirga isaa ilaalchisee qabu haangami ?
   A/ daran ol'aanaa B/ ol'aanaa C/xiqqaa D/ hin qabu
7. Miirga isaani sirritti beeku dhabu irraa Himatamtoonni adabaman jiruu?

   _____

8. Himatamaan himannaa irraatti dhihaatee irraa kan ofiif falmatu ?
   A/ daran ol'aanaa B/ B/Ol'aanaa C/xiqqaa D/ hin qabu
9. Namoonni Abukaatoo dhunfaa dhaabbatan hangami? Baay'innaan namoota abukaatoo Ittissaa dhaabateef moo namoota Abukaatoo dhunfaa dhaabatantuu caalanni

   _____

   _____

10. Namootni Abukaatoo Ittisaan falmachuu irratti hubannoon qabani akkami?

    _____

    _____

11. Haanqinni seerri qabu maali? _____
12. Abootiin seeraa Himatamtoota Abukaatoo Ittisaa hin dhaabbanneetiif gargaarsa gochuu irratti ka'umsa haangam qabu? Akka isaan sirnaan hin gargaarree danqaa itti ta'ee maal innifa'a?_____

    _____

    _____

13. Naamusni fi gahumsi abukaatoo ittisaa maal fakkaata?_____

    _____

14. Yeroo abukaatoon duraanii haalaan falmuufi didee dirqamasaa hin bane Manni Murtii Abukaatoo Ittisaa kan biraa dhaabuuf haangam eeyyamammaa dha?

    _____

    _____

15. Kanumaan wal qabatee dhimma yakkaa irratti himtamtoonni yakka salphaan himataman warren yakka cimaan himataman ni caaluu?

    _____

    _____

16. Abukaatoon motummaa himatamtootaaf dhaabachuu dhabuun isaa rakkoo inni qabu?

    _____

    _____

17. Himatamaan hiyyeessa ta'uun isaa akkamitti miirkanneeffammaa jira?

    _____

    _____

18. Miirgi abukaatoo ittisaan deeggaramu himatamaa qabatamaan hojiirra oolaa jiraa?

    _____

    _____

III. Af-Gaaffii Abukaatoo Ittisaaf

1. Akkaataa jeera mootummaa abukaatoo ittisaa himatamaadhaaf kan dhaabuu ulaagaawwan lameen yoo guutaman qofa. Isaanis himatamaan baasii isaatiin abukaatoo dhuunfaa dhaabbachu kan hin dandeenya yoo ra'e fi haqni ni daba jedhame yoo yaadamee dha.

A.Haqni ni dana kan jedhamu ulaagaawwan akkamii yoo guutamani dha?_____

_____

_____

_____

B. Himatamaan hiyyeessa tahun isaa akkamitti mirkaneeffamaa jira?_____

_____

_____

2. Heera mootummaa keessattii himataman kamiyyuu mootummaarra abukaatoo argachuuf mirga qaba jechuun yoo tumu labsin lakk. 141/2000 himatamtoota hidha cimaa waggaa 5 fi isa oliin adabamu dandaaniif mootummaan baasii isaatiin abukaatoo ittisaa ni dhaabaaf jechuu tumeera.Tumaaleen heerichaa fi labsichaa wal falleessuu?_____

_____

_____

_____

3. Mirgaa abukaatoo itisaan deeggaramuu himatamaa qabatamaan hojiirra oolaa jiraa?_____

_____

4. Qulqullinni hojii abukaatoo ittisaa haala kamin madalamaa jira?_____

_____

_____

_____

5. Mira kana hoji irra oolchuuf wantootani danqaa isiira itti tahan maal feedha?

_____

_____

_____

6. Rakkoolee armaan oliif yaada furmata ka'a ?

_____

_____

_____

IV. **Bar- Gaaffii Abbaa Alangaaf**

Gaaffileen arman gaditti kaa'aman dhimma mirga himatamaan abukaato itisaatin deeggarmau waalin wal qabatee yoo ta'u deebiin isin deeniftan qorannoo nuyi hojjecgaa jiruuf bakka guddaa qabata.Kanaaf gargaarsa nuuf gootaniif gamaanumaa galatoomaa jechaa gaaffolee jiran hunda sirnaan nuuf guutaa.

1. Fedhii himatamtootaaf dhaga'a irratti yoommuu murtiin kennamu akka salphatuufii ni gaafattuu ?

_____

_____

2. Mirgi abukaatoo ittisaan deeggaramuu himatamaa qabatamaan hojiirra oolaa jiraa?

_____

_____

___

3. Namootni abauukaatoo ittisaan falmachuu irratti hubannoon qabani akkami?_____

_____

____

4. Waajjirri abukaatoo mootummaa gurmaa'inni isaa mana murtii waliin maxxanee hojjechuun isaa bilisummaa tajaajilchaa irrattii fi g uddinaaf kaka'umsa abukaatota mootummaa irratti dhiibbaa ni fida moo hin fidu?

_____

_____

5. 'Haqni ni daba' kan jedhu ulaagaawwaan maal faatu yoo guuramani dha?

_____

_____

6.Rakkoo qabatama gama abukaatoo ittisan mul'tu maali ? Furmatni isaa hoo?

_____

_____

7. Abukaatoon ittissa dirqama itti kenname haala gahumsa qabuun raawwachaa jiraa? Qulqullinni hojii abaukaatoo ittisaa haala kamiin madaalamaa jira?

_____

_____

___

V. AF – GAAFFII ABBAA SEERAAF

Gita hojii _____

Bakkaa jireenyaa _____

1. Akkaataa heera mootummaa abukaatoo ittisaa himatamaadhaaf kan dhaabuu ulaagaawwan lameen yoo guutaman qofa. Isaanisa himatamaan baasii isaatiin abaukaatoo dhuunfaa dhaabbachu kan hin dandeenya yoo ta'e fi haqni ni daba jedhame yoo yaadamee dha.

A.Haqni ni daba kan jedhamu ulaagaawwan akkamii yoo guutamani dha?

_____

_____

_____

B. Himatamaan hiyyeessa tahun isaa akkamitti mirkaneeffamaa jira?_____

_____

_____

2. Heera mootummaa keessatti himataman kamiyyuu mootummaarra abukaatoo argachuu mirga qaba jechuun yoo tumu labsin lakk. 141/200 himatamtoota hidha cimaa waggaa 5 isa diin adbamu dandaaniif mootummaan baasii isaatin abukaatoo ittisaa ni dhaabaaf jechuun tume, tumaaleen heericha fi labsichaa wal falleessuu? _____

3. Mirga abulaatoo itisaan deeggaramuu himatamaa qabatamaan hojiirra oolaa jiraa?

_____

_____

_____

4. Abukaattoon ittissa dirqama itti kenname haala gahumsa qabuun raawwachaa jiraa ?qulqulliinni hojii abukaatoo ittisaa haala kamin madaalamaa jira ?

5. Yaadni furmataa taha jeetan yaadan maali?

VI. Bar -Gaaffii Abukaatoo ittisaaf

Gaaffileen arman gaditti kaa'aman dhimmaa mirgaa himatamaan abukaato itisaatin deeggaramu waalin wal qabatee yoo ta'u deebiin isin deebiftan qorannoo nuyi hojjeegaa jiruuf bakka guddaa qabata kanaaf gargaarsa nuuf gootaniif gamaanumaa galatoomaa jechaa gaaffolee jiran hundaa sirnaan nuuf guutaa**.**

1. Dhimmootni isin ji'a tokko keessatti keessummeessitan hammam ta'u? _____

2. Rakkoowwan mirga kana kabachiisuuf gufuu ta'an tareessaa ?

_____

_____

3. Rakkoowwan lakk 2 jalatti kaastaniif maaltu furmaata ta'uu qaba jettu?

_____

_____

4. Himatamtootaaf gargaarsa akkamii gootu?

_____

_____

5.Mirga himatamaa kabachiisuuf carraaqqii isin gootan irratti gufuu kan ta'an maal fa'adha?_____

_____

6. Himatamtootni gorsa seeraa aegatani seera irratti hubannoo akkamii qabu ? _____

7.Waajjirri abukaatoo mootummaa gurmaa'unni usaa mana murtii waliin maxxanee hojjirri abukaatoo mootummaaa gurmaa'nni isaa mana murtii waliin maxxanee hojjechuun isaa bilisummaa tajaajilichaa irratti fi guddinaaf kaka'umsa abukaatota Mootummaa irratti dhibbaa ni fida moo hin fidu?_____

_____

8.Hanqinni gama seeran jiru maali?_____

_____

9.Haqni ni daba kan jedhamu ulaagawwaan akkami yoo guutamani dha?

_____

_____

VII. Af – Gaaffii Himatamaaf

1.Yakkii ittin balleessummaan keessan murtaa'e maali ? Hangaam adabamatanii ?

_____

_____

2.Abukaatoon ittisaa mootummaan isiniif dhabeeraa ?

_____

_____

3.Hubannoo seera qabduu ?

_____

_____

4.Walitti dhufeenyi abukaatoo ittisaa wajjin qabdan maal fakkata tura?

_____

_____

5.Abukaatoon ittissa dirqama itti kenname haala gahumsa qabuun rawwachaa jira? Yeroo gahaa isiniif keennama turee?

_____

_____

6.Maaltu sirreeffamuu qaba jeettani yaadu?

_____

_____

___

7.Sababa abukaatoo ittisaa hin falamatniif wantii sin mudatee gababinaan ibsa

_____

_____

VIII. Bar -Gaaffii Himatamaaf

Gaaffileen arman gaditti kaa'aman dhimma mirga himatamatamaan abukaato itisaatin deeggaramu waaliin wal qabatee yoo ta'u deebiin isin deebifatan qorannoo nuyi hojjeegaa jiruuf bakka guddaa qabata kanaaf gargaarsa nuuf gootaniif gamaanumaa galatoomaa jechaa gaaffolee jiran hunda sirnaan nuuf guutaa.

1.Yakki ittin balleessummaan keessan murtaaa'emaali? _____

_____

2. Buufata poolisiitti gorsa seeraa argattanii turee?_____

3. Adabbiin kenname sirridha jettanii yaadduu? yoo tahuu baate maaliif? _____

4. Abukaatoo ittisaa mootummaan isiniif dhabeeraa ? A. Eeyyee B. Lakki

Deebiin keessan eeyyee yoo tahe gaaffiiwwan armaan gadii nuuf deebisaa

5. Walitti dhufeenyi abukaatoo ittisaa wajjin qabdan maal fakkaata ture ? Ibsa _____

_____

6.Yoomii calqabee siif dhaabate ? _____

_____

7.Maaltu sirreeffamuu qaba jeettanii yaaddu ? (eegumsa heerri keenya kaa'e galmaan gahuuf yaada furmaataa ? _____

_____

8. Himatamaan /toonni abukaatoo ittisaa dhiyeeffachuu kan hin dandeenye fi haqni dabuu kan danda'u yoo ta'e mootummaa irra abukaatoo argachuu ykn mootummaan abukaatoo dhaabuu irratti amanataan qabdan maal fakkaata?_____

A. Daran ol'aana B. Ol'aanaa C. xiqqaa D. hin qabu

9 .Abukaatoon ittissa dirqama itti kenname haala gahumsaqabuun raawwachaajira?

_____

10. Sababa abukaatoo ittisaa hin falmatniif wantii isin mudatee gababinaan ibsa?

_____

_____

IX. Af- gaaffii abukaatoo ittisaaf

1. Akkaataa heera mootummaa abukaatoo ittisaa himatamaadhaaf kan dhaabuu ulaagaawwan lameen yoo guutaman qofa isaanis himatamaan baasii isaatiin abukaatoo dhuunfaa dhaabbachu kan hin dandeenya yoo ta'e fi haqni ni daba jedhame yoo yaadamee dha.

A. Haqni ni daba kan jedhamu ulaagaawwan akkamii yoo guutamani dha? _____

_____

B. Himatamaan hiyyeessa tahun isaa akkanitti mirkaneeffamaa jira? _____

2. Heera mootummaa keessatti himataman kamiyyuu mootummaarra abukaatoo argachuuf mirga qabaa jechuun yoo tumu labsin lakk 141/200 himatmtoota hidha cimaa waagga 5 isaa olii adabamu dandaaniif mootummaan baasii isaatin abukaatoo ittisaa ni dhaabaaf jechuun tumeera. Tumaaleen heerichaa fi labsichaa wal fallessuu ?

_____

3. Mirga abukaatoo itisaan deeggarmuu himatamaa qabaatamaan hojirra oolaa jiraa?_____

_____

4. Qulqulliinni hojii abukaatoo ittisaa haala kamin madaalamaa jira? _____

_____

5. Mirga kanaa hojii irraa oolchuuf wantootani danqa isiinitti tahan maal faadha? _____

_____

6.Rakkoolee armaan oliif yaada furmataa kaa'aa

_____

X. Bar – gaaffii Abukaatoo ittisaaf

Gaaffileen arman gaditti kaa'aman dhimma mirga himatamaan abukaato itsaatin deeggaramuu waalin wal qabatee yoo ta'u deebiin isin deebiftan qorannoo nuyi hojjeegaa jiruuf bakka gudda qabata.Kanaaf gargaarsa nuuf gootaniif gamaanumaa galatoomaa jecha gaaffolee jiran hunda sirnaan nuuf guutaa.

1. Dhimmootni isin ji'a tokko keessatti keessummeessitan hammam ta'a?

_____

2. Rakkoowwan mirga kana kabachiisuuf gufuu ta'an tarreessaa?_____

_____

3. Rakkoowwan lakk. 2 jalatti kaastaniif maaltu furmaata ta'uu qaba jettu ?

_____

_____

4. Himatamtootaaf gargaarsa akkamii gootu ?

5.Mirga himatamaa kabachiisuuf caarraaqqii isin gootan irratti gufuu kan ta'an maal ga'adha?_____

_____

7.Himaatamyootan gorsa seeraa argatani seeera irratti hubannoo akkamii qabu?_____

7. Waajjirri abukaatoo mootummaa gurmaa'inni isaa mana murtii waliin maxxanee hojjechuun isaa bilisummaa tajaajilicha irratti fi guddinaaf kaka'umsa abukaatota mootummaa irratti dhubbaa ni fida moo hin fidu?_____

_____

8 Hanqinni gama seeran jiru maali?_____

9.Haqni ni daba kan jedhamu ulaagawwaan akkami yoo guutamani dha?

_____